# WALDAA MACAAFA QULQULLUUU
(Oromoo)

**By**
**J.C.Choate**

**Published by:**
**World Evangelism Publications**
**Winona, Mississippi**

© Copyright, World Evangelism Publications

This printing - 5,000 copies - 2023 – **Oromoo**

**InDesign Layout**: Shane Fisher

**Translated by**: Belay Kebede Areri
**WhatsApp number**: 0913611000.
**Email**: ddcoc321@yahoo.co.uk

**Websites**:
www.worldevangelismlibrary.org
www.gospelgazette.com
www.worldevangelism.org
www.worldevangelismmedia.com

Macaafa Kana Kaffaltii malee kan Argattan.
Waldaa Kristoos Dirree Dawa, Lakkoofsa saanduqa Poostaa 1376,
lakkoofsa bilbilaa 0913611000.

**Note**: Deebisaa isaa Waraqaa Adii irratti honjedhaa yeroo xumurtan Macaafaicha Nuuf deebisaa. Eebbifamaa.

## BARUMSA TOKKO (HIIKKAA WALDAA)

**YAADACHIISA BARBAACHISAA:-** Macaafni kun Qabeenya Waldaa Kristoosi, Macaafni kun Dhuma Barumsaa irratti Gaaffii fi Deebii qaba. **HADARAA MACAAFA IRRATTI HIN HOJJETINAA**:-Deebisaa gaaffii keessanii Waraqaa adii mataa Keessanii irratti guutaatii macaafichaa wajjin Teessoo armaan Olii irratti jechuunis Belay Kebede. Lakkoofsa sanduqa poostaa 1376 Dirree Dawaa, lakk. Bilbilaa 0913611000 email. ddcoc321@yahoo.co.uk irratti erguu dandeessu. Yeroo ergitan Maaaa keessan, lakkoofsa bilbila keessanii fi magaalaa keessa jirtan barreessuu hin dagatinaa.

**Printed by**:
World Evangelism Publications
Winona, MS 38967

## QABEENTOTA


**BARUMSA TOKKO**
HIIKKAA WALDAA....................................................................................4
**BARUMSA LAMA**
DHUFAATIII WALDAA............................................................................7
**BARUMSA SADI**
HUNDEEFFAMUU WALDAA..................................................................11
**BARUMSA HAFUR**
EENYUMMAA WALDAA........................................................................15
**BARUMSA SHAN**
MAQAA WALDAA...................................................................................19
**BARUMSA JAHA**
JAARMIYAA WALDAA...........................................................................23
**BARUMSA TORBA**
ITTI GALUMSA WALDAATTI...............................................................27
**BARUMSA SADDEET**
WAAQEFFANNAA WALDAA..................................................................31
**BAUMSA SAGAL**
HOJII WALDAA.......................................................................................35
**BARUMSA KUDHAN**
TOKKUMMAA WALDAA.......................................................................40
**BARUMSA KUDHA TOKKO**
AMANTII WALDAA.................................................................................44
**BARUMSA KUDHA LAMA**
SEENAA WALDAA...................................................................................48
**BARUMSA KUDHA SADII**
WALDAA BARA KANA...........................................................................53

## BARUMSA TOKKO
## HIIKKAA WALDAA

Akka Macaafni qulqulluu waa`ee Waldaa dubbatu namni haalu tokko illee hin jiru, garuu Waldaan Kristiyaanaa kami ? kan Eenyuuti? isheen maali? gaaffilee jedhuu fi gaaffilee kan biroo baayyeen deebi`uu qabu.Amma kan irratti Xiyyeeffannu Hiikkaa Waldaa kan hin taane irratti ta`a. akkuma Macaafa qulqulluu keessatti ibsame Waldaan Kaatooliikii miti, Waldaan Prootestaantii miti, Orthodooksii miti, Jeuushiis miti, Dhaaba Siyaasaas, dhaaba Afooshaas miti, Egaa Erga kanneen hunda miti ta`ee Waldaan maali ree? Namni irra guddaan isaa Waldaa maal akka taate sirriitti hin beekan, kunis kan ta`eef Kaayyoon Waldaa maal akka ta`e hubachuu dhabuu irraa kan ka`eedha, barbaachisummaaan isaa maal akka ta`e Wallaaluu irraa, Hojiin Waldaa maal akka ta`e Wallaaluu irraa kan ka`eedhas. Garuu Macaafni qulqulluun Waldaa maal akka ta`e nutti hima. Waldaa kan jedhu jecha Griikii yeroo ta`u Ikileeshiyaa Jechuunis "Kan Waamame", jechuudha. Waldaan Namoota Waamaman jechuunis Biyya lafaa keessaa waamamanii gara Mootummaa ilma isaatti kan dabalaman jechuudha. (Qoloosiyaas 1:13, Waldaan dhagna Kristoosi (1 Qor.12:27), Warra Wangeela Kristoosiif Abboomamamnii dha (Ibroota 5:8-9), akkasumas warra amananii fayyanii Itti dabalamaniidha, (Maarqoos 16:16, Hojii Ergamootaa 2:47). karaa biraatiin isaan warra duukka buutota Kristoos ta`eedha.

Jechi Waldaa Jedhu Macaafa Qulqulluu keessatti Miira lamaan Mullata ykn Ilaalama.

Miira 1ffaa:- Maqaa tokkicha biyya lafaa wal ga`e yeroo ta`u kanas Yesuus yeroo dubbatu "Anis sittan hima, akkuma Pheexroos jechuun Dhagaa jechuu ta`e, ati dhagaa dha, anis dhagaa hin sochoone kana irratti Waldaa Koo nan ijaara, gooftummaan du`aas matumaa Waldicha irratti humna hin godhatu hin mo`us" Jedhe (Maatewos 16:18, kana malees Luqqistoota baayee kan Waldaan guutuu biyya lafaatiif ta`uu isaa kan ibsan jiru, kana jechuun biyya lafaa kana irratti Waldaa Kristoos kan taate kan isaan hundeeffameedha.

Miira 2ffaa:- kan ibsame Waldaa Naannoodhaan dhaabbataniiti, Fakkeenyaaf Phaauloos Yeroo Barreesse Waldaa Roomaaf Yeroo Barreesse Waldaa Kristoos ta`anii iddoo addaa addaatti kan argamaniif barreesse. " Waldoonni Kristoos Hundinuu nagaa isaanii isiniif in ergu" (Roomaa 16:16), Phaauloos Yeroo Waldoolii jedhee barreessu akka Warri Dhaabba Amantaa jedhan yookaan yaadan Maqaa Addaa addaa qabaachuu utuu hin ta`in Waldaa Kristoos taatee iddoo garaa garaa Naannoo garaa garaa garaa itti

kan argaman jechuu isaati. kana Hubachuuf Waldaa Qoroontoosiif, Waldaa Efeesooniif, Waldaa Filiiphiif kkf Ilaaluun barbaachisaa dha. (1 Qoroontoos 1:2, Efeesoon 1:1, Filiiph. 1:1). kanneen hundi namoota hin hubannee Kan Wallaalchisaniidha, sababni isaa ilaalcha dhaabbolii Amantaatiin waan ilaalaniifi.Akkaataa yookaan akka yaada dhaaba amantaatti Macaafa qulqulluu keessatti Waa`ee Waldaa iddoo tokkotti ilee hin arginu, jechuunis addaa adduummaadhaan maqaalee wal hin fakkaanneen kan Caafame hin jiru, Waldaan Waldaa Kristoosi duwwaadha.

Odeeffannoo nu gargaaruu dandaa`an tokko tokko hubannaa jecha Hiikkaa Waldaa jedhu kan Macaafni qulqulluun ibsu ilaalluf.

1. Dhagna Kristoosi:- Inni dhagna Hafuuraan kan Kristoos taatee dha, Inni mataa Waldaati, (Efeesoon 5:23), Waldaa dhagna tokkooti (Efeesoon 4:4), Dhagna tokko jechuun Waldaa tokko jechuudha.(Qolosiyaas 1:18).

2. Warra Mana Waaqayyoo:- Jechi Mana jedhee Caaffata Keessatti Caafame Maatii kan jedhu ibsa, Kunis Waldaan Maatii Waaqayyoo ta`uu isaati. Ergaa Phaauloos Ximootiwoosiif caafe irratti " Tarii yoo ani tures, namni Warra mana Waaqayyoo keessatti amala attamii qabaachuun akka isaaf ta`u akka beektuuf kun si gargaara, manni kunis Waldaa Waaqayyo jiraaataa, isa utubaa fi demdemoo dhugaa ta`ee dha" (1 Xiimootewos 1:3). Waaqayyo abbaa keenya, nuyi immoo ijoollee Isaati (Galaatiyaa 3:26,27, Efeesoon 1:3).

3. Mootummaa Waaqayyooti:-Mootummaan Mootii barbaachisa,kanaafis Kristoos Mootiidha, (Mullata 17:14). garuu Mootiin mootummaa qabaachuu qaba, (Hojii Ergamootaa 8:12), saba mootummaa kanaa yeroo taanu, biyyi lafaa immoo biyya mootummaa kanaati, Kakuu Haaraan immoo Seera bulchiinsaati, Waldaan kunoo kana (Maatewos 16:18, 19).

4. Muka Wayinichaati: Kristoos muka wayinichaati, NNuti Kristiyaanonni tokkoon tokkoon keenya damee mukichaati. kana Jechuun mukichatti qabamnee ija gaarii gooftichaaf kennuudhaaf eegamna.

Waldaan akkasitti ibsama, adaraa Barumsa kana qu`adhuu ija ibsaa Caaffata qulqulluutiin ofii keetiif qu`adhu, yoo dhuguma akka Caaffataatti Waldaan maal akka taate qu`atte ilaalchi ati Waldaaf qabdu jijjiiramee jireenya kee illee jijjiira.

### GAAFFII

**Eeyyee yookaan lakkii jedhii deebisi**.

1. Macaafni qulqulluun Waa`ee Waldaa in dubbata_________________.

2. Waldaa Jechuun Kaatoolikii jechuudha________________.
3. Namoonni irra guddaan Waldaan maal akka ta`e hubataniiru___________.
4. Waldaa inni jedhu Macaafa qulqulluu keessatti miira tokkoon ibsame_____.
5. Kristooss Waldoota koo nan ijaara Jedhe________________.
6. Waldaan torban Eeshiyaa, Waldoota Dhaabbileen Amantaa Jedhanii dha-________________.
7. Waldaan Dhagna Kristoosi________________.
8. Dhagna ykn qaama tokkotu jira________________.
9. Kristoos Mataa Waldaati________________.
10. Mootummaan ganaa hin dhufne________________.

**Deebisaa Sirrii deebisi**.

1. Waan Waldaan hin taane amma tokko ibsi
2. Jecha Griikii maal jedhu irraa Waldaan kan jedhu dhufe?
3. Waldaan maaliin beekkama?
4. Miirri lamaan Waldaan ttiin bsame maalii fi maali?
5. Waldaa koo Nan ijaara kan jedhe Eenyu?
6. Waldaa meeqan ijaara jedhe?
7. Waldaan Eeshiyaa torban Waldaa maalii turan?
8. Dhagna meeqatu achi keessa jira?
9. Eenyu Mootiin Moototaa?
10. Nuyi Kristiyaanni Muka Wayinichaa keessatti maal gochuu qabna?

**Jechoota kanaa gadiitti ibsoota kenni**.

1. Ikeeleshiyaa________________.
2. Dhagna Kristoos________________.
3. Mana Waaqayyoo________________.
4.Mootummaa Waaqayyoo________________.
5. Muka Wayinicha gooftaa________________.

## BARUMSA LAMMAFFAA
## DHUFAATII WALDAA

Waldaan dingata ykn akka tasa guyyaa tokkotti kan dhufe ykn kan mullate miti, garuu kan karoorfamee, kan raajotaan raajamee, kan Duraan dursee Abdiin kennamee, achii booda hundeeffamee dha.

Caaffanni qulqulluun kana hunda sirriitti ibsa.

TOKKO:- Waldaan kan turte sammuu Waaqayyoo keesstti yaadamte. Phaauloos waan kana Qulqulloota Efeesooniif akkas jedhee barreesse.

“Waaqayyo abbaa gooftaa Keenyaa Yesuus Kristoos isa karaa Kristoos eebba hafuura hundumaan, waan Waaqa irraatiinis nu eebbiseef galanni haa ta`u ! Inni uumamuu biyya lafaa dura iyyuu warra qulqullootaʻan, warra isa durattis mudaa hin qabne akka taanuuf, jaalalaan karaa Kristoos nu fo`ateera, Waaqayyo karaa Yesuus Kristoos ilmaan isaa taanee akka guddifamnuuf akka fedha isaa isa gaariitti yaadaan nuuf qabeera, kunis guddina Ayyaana isaa isa inni ilma isaa isa jaallatamaadhaan nutti tolee nuuf kenne in galateeffachiisa” (Efeesoon 1:3-6).

Waan inni Waldaa Efeesoonitti himaa jiru kana hubadhu, Uumamuu biyya lafaa dura Waaqayyoon fo`atamuu dha. kana jechuun Waaqayyo waa`ee Waldaa uumamuu biyya lafaa dura akka inni yaada keessaa qabu, waa`een Waldaa Karoora ykn akeeka Waaqayyo ta`uu isaa, Amma akka inni qoosaa ykn laayyoo hin taane uumamuu biyya lafaa dura akka inni akeeke Mullisa.

LAMA:- Waldaan karaa baayyeetiin raajotaan raajameeera. Isaayyaas akkas jedhe

“Bara booddeetti tulluun manni qulqullummaa inni kan Waaqayyoo irra jiru,tulloota hundumaa keessaa akka isa Caaluutti jabaatee in dhaabbata gaarota hundumaa gararraattis ol in ka`a, sabni lafa irraa hundinuu gara isaatti in yaa`u, sabni lafa irraa baayyatanii in dhufu, Xiyoon keessaa seerri, Yeruusaalem keessaas dubbiin Waaqayyoo waan ba`uuf `karaa isaa akka inni nu barsiisuuf, nus daandii isaa irra akka adeemnuuf kottaa gara tulluu mana Waaqayyootti, gara mana Waaqayyoo isa kan Yaaqoobitti ol in baanaa!” in jedhu” (Isaayyaas 2:2,3).

Raajiin Yoo`elis “Waaqayyo ammas Bara booddeetti ani hafuura koo nama hundumaa irratti nan dhangalaasa, ilmaan keessanii fi intaloota keessan raajii in dubbatu, maanguddoonni keessanis abjuu in abjootu, dargagoonni keessanis mul`ata in argu, bara sanatti, ani Hojjetoota koo warra dhiirotaa fi warra dubartootaa irratti iyyuu hafuura koo nan dhangalaasa” Jedhe. (

Yoo`el 2:28,29).

Raajii Daani`elis “Bara Mootota sanaatti Waaqayyo inni Waaqa irraa Mootummaa deebi`eee hin badne, isa mo`ichi isaas nama biraatti hin darbine dhaabuuf jira, inni Mootummoota sana hundumaa caccabsee in hurreessa, badduus isaan in baasa, ofii isaatii immoo bara baraan jabaatee in dhaabbata” jedhe (Daani`el 2:44).

GOOLABBII KANAA:-

1. Mootummaan bara booddeetti in dhaabbata ykn in hundeeffama.

2. Mootummaan tulloota irra in dhaabbata.

3. Sabni hundinuu gara tulluu kanaatti yaa`u.

4. Waaqayyo hafuura isaa foon-qabeessa irratti in dhangalaasa.

5. Mootummaan kun bara impaaera arfaffaa keessa dhaabbata.

6. Inni mootota hundumaa in Caccabsa, in hurreessa ofii isaatiif bara baraan in dhaabbata.

Raajoonni dubbataman kun Yoom raawwataman ? (hojii ergamootaa 2 dubbisi).

SADI:-Waldaan kan Abdachiifamtee dha. Yohaannis Mootummaan dhihaateera, jedha (Maatewos 3:2), kana jechuun dhihaateera fagoo miti jechuudha. Kristoosis akkasitti Abdachiise:- “ Ani Sittan hima ati Pheexroos jechuun dhagaa jechuudha, anis dhagaa hin sochoone kana irratti Waldaa ko Nan ijaara” jedhe (Maatewos 16:18).

Kana booddees Yesuus “Dhuguma dhuguman isinitti hima Namoota as dhaabbatanii jiran keessaa kaan utuu hin du`in Mootummaa Waaqayyo humnaan dhufee arguuf jiru” jedhe (Maarqoos 9:1).

“Kristoos dhiphachuufi, guyyaa sadaffaattis du`aa ka`uuf akka jiru, yaada geeddarachuunii fi dhiifamuun cubbuu maqaa isaatiin Yeruusaaleemii jalqabee saba lafa irraa hundumatti akka lallabamuuf jiru Caafameera,isinis dubbii kanaaf dhuga baatuu dha,Kunoo isa abbaan ko isin abdachiise isiniif nan erga, garuu akka nama uffannaa guutuu uffatuutti Waaqayyo irraa humna amma argattanitti Magaalicha keessa tura” jedhe (Luuqaas 24:46-49).

Mee dhugaa armaan olii haa ilaallu.

1. Mootummaan dhihaateera.

2. Kristoos akka Waldaa ijaaru Abdachiiseera.

3. Namoota Ergamoota warra Kristoos wajjin turan keessa amma hundeeffama Waldaatti lubbuun kan turan in jiraatu jedheera.

4. Mootummaan kun humnaan dhufa.

5. Yaada garaa geeddarannaa fi dhiifamni cubbuu maqaa isaatiin biyya

lafaa guutuutti in lallabama jedheera.

6. Yeruusaalem irraa jalqaba jedhameera.

7. Ergamoonni Kristoos magaalicha sana keessatti humna in argatu in fudhatu jedhameertu.

Kanneen Tuxxuqaman kana hundumaa Sammuutti qabadhuuti dhuma irratti akkamittiin akka Waldaa ijaarame wajjin wal bira qabsiifta.

Amma gara Macaafa Qulqulluu Hojii Ergamootaa boqonnaa 2, dhaqiitii Macaafa ke Hojii Ergamootaa 2 irra deddeebi`ii dubbisi. Barreeffamni Boqonnaa kana Hundeeffamni Waldaa Krstoos yeroo kana ta`uu mirkaneessa, Kunis iddoon itti hundeeffame, Yeruusaaleem, Yeroon isaa bara boodaa, Bara Mootii impaaera Roomaa, humni dhufeera, yaada garaa geeddarachuu fi dhiifamni cubbuu biyya lafaa irratti maqaa Kristoosiin lallabameera, Kanaaf iyyuu Waldaan Sammuu Waaqayyoo keessatti yaadamee hundeeffameera, Raajiin waa`ee Waldaaf Raajame ykn dubbatames raawatameera, inni abdachiifames Xumurameera.

## GAAFFII

**Gaaffii Deebii Sirrii Kenni**.

1. Yeroo duraatiif Waldaan Eessatti argamte?
2. Yoomi kan Waaqayyo Waldaa fo`ate?
3. Maqaa Raajota sadeenii kan waa`ee waldaa raajan barreessi?
4. Mootummaan kun kan amma yoomiitti jiraatuudha?
5. Eenyuu dha kan Waldaa ijaaruuf abdachiise?
6. Waldaa eenyuuti kan abdachiifame?
7. Waldaa meeqa ijaaruuf abdachiise?
8. Mootummaan haala kamiin dhufa jedhame?
9. Yeruusaalemitti maaltu lallabame?
10. Waa`ee hundeeffam Waldaa iddoo kamitti dubbifte?

**Dhugaa Ykn Soba Jedhii Deebisi**.

1. Waldaan karoorfamte, raajamtee abdachiifamtee achii booda hundeeffamte.
2. Waldaan dura sammuu Waaqayyoo keessa turte.
3. Yohaannis Mootummaan dhihaateera jedhe.
4. Mootummaan humnaan dhufa jedhameera.
5. Yaada garaa geeddarachuu fi dhiifamni cubbuu maqaa Kristoosiin biyya

lafaa irratti lallabameera.
6. Waldaan Yeruusaalemitti Eegalame.
7. Hojii ergamootaa boqonnaan 2 waa`ee hundeeffama Waldaa dubbata.
8. Kunis kan ta`e bara Impaaera Roomaati.
9. Bara booddee raajiin jedhu raawwateera.
10. Raajiin dubbatamee fi abdachiifame raawwateera.

**Iddoo Duwwaatti Guuti**.

1. “Warra isa duratti mudaa hinqabne akka taanuuf jaalalaan karaa Kristoos nu fo`ateera__________________.
2. Bara booddeetti tulluun manni qulqullummaa inni kan Waaqayyoo irra jiru__________________.
3. Bara booddeetti Waaqayyo inni Waaqa irraa mootummaa deebi`ee hin badne__________________.
4. ____________________ ko nan ijaara jedhe.
5. “Yaada garaa geeddarchuu fi dhiifamuun cubbuu maqaa isaatiin __________________.

## BARUMSA SADAFFAA
## HUNDEEFFAMUU WALDAAA

Barumsa keenya darbe keessatti Macaafa Isaayyaas 2:2,3, Yoo`el 2:28,29, fi Daani`eel 2:44, irratti akka bara booddeetti Mootummaan ykn Waldaan Hafuuraan biiyya Yeruusaaletti dhaabbattu ykn Hundeeffamtuu fi namni Hundi gara sanatti akka yaa`u ilaalleerra, Mootummaan kunis baraa amma baraatti akka jiraatu qu`anneerra. Iiti aa`ansees Kristoos Maatewos 16:18, Maarqoos 9:1, fi Luuqaas 24:46-49, irratti akka inni abdachiise, hundeeffamni Waldaa humnaan dhufuu isaa akkasumas Biyya lafaa hundatti geeddarannaan yaada garaa fi dhiifamni Cubbuu maqaa isaatiin akka lallabamu ilaalleerra, amma gara Hojii Ergamootaatti deebi`uudhaan boqonnaa 2 duwwaa keessatti Raajii fi abdiin abdachiifame Raawwachuu isaatiis Xiinxalleerra.

Akkuma Hojii Ergamootaa 2 dubbifannetti ergamoonni Kristoos yeroo kanatti Magaalaa Yeruusaalem jiraachuu isaaniii irratti.

"Ayyaanni guyyaa shantammaffaa inni "pheenxeeqoosxee" jedhamee beekkame yommuu ga`e hundinuu iddoo tokkotti walitti qabamanii turan, dingata huursaan Waaqa irraa akka bubbee bubbisuutti dhagaa`amee, manicha isaan keessa jiranis guute, arraba ibiddaa kan fakkaatan isaanitti mullatan, gargar tamsaa`aniis wanti akka arraba ibiddaa kun tokkoo tokkoo isaanii irra taa`an, yommus hundumti isaanii hafuura qulqulluutiin guutaman, akka hafuurri dubbachuu isaa isaaniif kennetti afaan gara garaatiin dubbachuu jalqaban. Yihudoonni Waaqayyoon sodaatan, Yeruusaalem kan jiraatan, saba irra lafaa hunduma keessaa kan dhufan turan, jarreen kun hundinuu huursaa kana yommuu dhagaa`an, iddoo kun ta`etti dachaa`an, warri hafuura qulqulluudhaan guutaman kun afaan tokkoo tokkoo isaaniitiin akka dubbatan dhagageenyaan waan jedhan Wallaalanii (Hojii Ergamootaa 2:1-6) barreeffamni kun itti fufee Jara achi jiruu yeroo nuuf ibsu, "Hundumti isaanii waan godhan wallaalaniii "Kun maal ta`uuf jedha?" jedhanii wal gaggaafatan, kaan immoo "isaan kun daadhii jabaa quufaniiru" jedhabii ga`isan, Phexroos garuu Warra kudha tokkoo wajjin dhaabbatee sagalee isaa ol fudhatee nammotatti dubbachuutti ka`e, "Isin Yaa warra Yeruusaalem jiraattan hundinuu, mee hubadhaa dubbiin koos isiniif haa galu ! jarreen kun kan machaa`an isinitti hin fakkaatin, amma ganama yeroonis saa`atii sadaffaadha ! Inni asitti ta`e kun garuu, waan Waaqayyo afaan Raajicha Yoo`eliin dubbatee dha, guyyaa gara dhumaatti akkana in ta`a jedha, Waaqayyo foon-qabeessa hundumaa hafuura koo nan kennaaf ilmaan keessani fi intaloonni keessan

raajii in dubbatu, dargaggoonni keessanis Mul`ata in argu, maanguddoonni keessanis Abjuu in abjo`atu---- maqaa gooftaa kan waaammatu hundinuu immoo in oola" jedhe (Hojii Ergamootaa 2:12-17, 21).

Egaa Raajiin kakuu moofaa keessatti Raajame asitti Raawwachuu isaa ilaalchisee Pheexroos afaan isaa banee dubbachuutti ka`e, Yesuus kana Waaqayyo du`aa kaaseera, nuyi hundumti keeny isa kanaaf dhuga- baatuu dha, Inni gara mirga Waaqayyoo abbaatti ol fudhatamee hafuura qulqull isa abdachiifamee ture abbaa biraa fuudhee erge, kan isin amma argitanii fi dhageessan kun isa. Daawwit ofii isaa gara Waaqaatti ol hin baane haa ta`u iyyuu malee, gooftichi gooftaa kootiin gara mirga koo taa`I diinota kee ejjeta miilla kee Ammaan siif godhutti jedhee dubbateera.

Egaa Waaqayyo Yesuus isa isin muka irratti fanniftan kana gooftaa dhaa fi Masiihii akka godhe Israaa`eloonni hundinuu utuu hin mamin haa beekan jedhe, Namoonni kana dhagaa`anii garaan isaanii baqaqee Pheexroosii fi Ergamoota warra kaaniin "Yaa Obboloota nana, maal goonu ree?" jedhan, Pheexroosi immoo "Yaada garaa keessanii geeddaradhaa, cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf tokkoon tokkoon keessan maqaa Kristoos Yesuusi-in Cuuphamaa, kennaa hafuura qulqulluus in fudhattuu, Abdiin Waaqayyo abdachiise isinii fi ijoollee keessaniif warra fagaatanii jiraatanii Waaqayyo keenya gooftichanitti waamu hundumaafis, jedhee deebiseef. Kana malees Pheexroos kan biraa dubbii baayyeedhaan dhugaa isaanitti ba`e, Adaba dhaloota jal`aa kanatti dhufu jalaa oolaa, jedhee Cimsee isaan gorse, warri dubbii isaa fudhatan in Cuuphaman kanaaf guyyaa sanatti akki lubbuu kuma sadii isaanitti in dabalaman… isaan Waaqayyoon In galateeffatan, saba hundumaa durattis ayyaana argatan gooftaanis guyyaa guyyaatti warr Fayyan amantootatti in dabale" (Hojii Ergamootaa 2:32-41, 47).

Qabxiilee armaa ol itti barreeffaman irratti Waldaan huneeffamuu isaa argina, kan beekuu qabdu Waan kun kan inni keessatti ta`e Yerrusaalem keessatti, yommus humni hafuura qulqulluu Ergamoota irratti dhufeera,kun hundi Raawwatamuu Raajii kakuu moofaa keessatti raajameeti, Pheexroos adda baasee akkas jedhe :- "Inni asitti ta`e kun garuu waan Waaqayyo afaan Raajicha Yoo`eliin dubbatee dha" jedhe (Hojii Ergam. 2:16)., kanaafis dhugaa ta`uu isaa shakkii tokko illee hin jiraatu, Egaa kana Caalaa erga Raajonni Kakuu moofaa raajanii wanti raajames guyyaa dhuma sanatti waan kun ta`ee, erga Pheexroosis isa Raajametu Raawwatame erga jedhee Waldaan iddoo sanatti magaalaa Yeruusaalem keessatti hundeeffamuun ykn Dhaabamuun dhugoomeera, Sabni garaa garaa achitti argamaniiru, geeddarannaan yaada garaa fi dhiifamuun cubbuus lallabameera, Namoonni

akka kuma sadii warri amananii dubbii sana fudhatanis Cuuphamuudhaan wangeelaaf abboomamaniiru, Waldaattis dabalamaniiru, Kristoos bara 33, Ewaldaa isaa dhaabeera, ykn Hundeesseera.

## GAAFFII

**Gaafiilee Kanaa Gadii, Jecha Barreeffame Eenyutu Jedhe?**

1. Eenyutu inni Waldaa isaa in ijaara jedhe?
2. Eenyutu akkas jedhe ?" Guyyaa gara dhumaatti akkas in ta`a jedha, Waaqayyo, foon-qabeessa hundumaaf Hafuura koo nan keenna________
3. Eenyutu akkas jedhe ? "Yeroo hundumaa goofticha fuula koo durattan ilaala, akka ani hin sodaanneefis inni gara mirga koo jira____________?
4. Eenyutu akkas jedhe? "Yaada garaa Keessanii geeddaradhaa, Cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf tokkoo tokkoon keessan maqaa Yesuus Kristoosiin Cuuphamaa ________________?
5. Eenyuru akkas jedhe? "Adaba dhaloota jala`aa kanatti dhufu jalaa oolaa __________________.

**Gaaffilee Kana Deebisi**.

1. Mootummaan gooftaa yoom hundeeffame ykn dhaabbate?
2. Magaalaa maal jedhamu keessaati hundeeffame ykn dhaabbate?
3. Gaafa sana namoota ammamtu achitti yaa`e?
4. Mootummaan kun akkaataa akkamiitiin dhufe?
5. Mootummaan kun ammam jiraata?

**Abdii Kenname Barreessi**.

1. Eenyutu Waldaa ijaare?
2. Waldaan kun akkamitti dhufe?
3. Guyyaa sana maaltu lallabame?
4. Saboota meeqaaf lallabame?
5. Maqaa eenyuutiin lallabame?

**Gaaffii Kana Deebisuuf Hoj. Erg. Boqonnaa 2 Dubbisi.**

1. Hafuura qulqulluu eenyutu fudhate?
2. Mallattoon hafuura fudhatamee maali?
3. Pheexroos waa`ee ilma Waaqayyoo maal jedhe Amansiise?
4. Uummanni gaafa sanaa maal gaafatan? Deebisaan maaltu kennameef?
5. Eenyutu warra fayyan waldaatti dabale?

**Gaaffilee Kanaa Gadii Ibsi.**

1. Waldaa.
2. Raajii.
3. “Pheenxeeqosxee.”
4. Yaada garaa geeddarachuu.
5. Cuuphaa.

## BARUMSA AFUR
## EENYUMMAA WALDAA

Ati Hiriyaa kee Baroota dheeraadhaaf gargara baatan yeroo barbaadduu fi barbaachiftu akkasumas yeroo yaadachuuf kaatu maaliin Eenyummaa isaa yaadatta ykn Ibsita? Akkuma Beekkamu Mallattoo ykn milikkita inni qabu hunda yaadatteetu Milikkitoota isaatiin barbaachisuu jalqabda. Karaa kana duwwaadhaan eenyummaa nama kanaa ibsama. Akkuma kana yeroo ammaa biyya lafaa keessa Waldoota Baayyeetu jiru, baayyeenis dhalachaa jiru, erga akkas ta`ee akkamitti Waldaa sirrii taate aragachuu dandeenya? Waldaa dhugaa sana Waldaa isa kan Kristoos sana akkamitti beekuu dandeenya? Egaa kan nuti gochuu qabnu milikkitoota eenyummaa Waldaa Kristoos, beeknee isa beekne kana immoo Waldoolii amma biyya lafaa irra jiranii wajjin wal bira qabnee ilaaluu Xiinxaluu dha, Egaa Kana hunda gootee Waldaa Kristoos argachuu dandeenya, garuu milikkitoonni dhugaa eenyummaa Waldaa Kristoos mullisuu dandaa`an mal faa dha? Eessattii fi akkamitti arganna?, gaaffilee kanaaf Macaafni qulqulluun deebisaa qaba.

Macaafni qulqulluun milikkitoota ykn Mallattoo Eenyummaa Waldaa Kristoos Hundeesse sirriitti ibsa. Kanaaf iyyuu gara Caaffata qulqulluutti deebinee maal faa akka taa`an haa ilaallu.

1. WALDAA KRISTOOST IJAARE:- "Anis sittan hima akkuma Pheexroos jechuun dhagaa jechuu ta`e, ati dhagaa dha, anis dhagaa hin Sochoone kana irratti, Waldaa koo nan ijaara, gooftummaan du`aas matumaa Waldicha irratti humna hin godhatu hin mo`us.

2. WALDAAN YERUUSAALEMITTI JALQABE:- Kunis kan argamu Luuqaas 24:45-49, fi Hojii Ergamootaa 2:5, irratti argama.

3. BARA 33 KEESSAATTI HUNDEEFFAME:- Kunis Hojii Ergamootaa 2 irratti, guyyaa ayyaana shantammaffaa Pheenxeeqoosxeeti.

4. WALDAAN MAQAA KRISTOOSIIN WAAMAME:- Phaauloos Waldaa Kristoos Baayyeedhaaf yeroo dubbatu, "Waldoonni Kristoos Nagaa isiniif ergu" jedha (Roomaa 16:16).akkasumas Waldaa Qoroontoos jiruutti "Ammas hundumti keessan dhagna Kristoosi adduma addaanis bu`aa dhagna isaati" jedha (1 Qoroontoos 12:27). Dhagna jechuun Waldaa Jechuudha. (Efeesoon 1:22-23).

5. MISEENSONNI WALDAA KRISTIYAANOTA JEDHAMU:- Yeroo Jalqabaatiif Ergamoonni Anxookiyaatti Kristiyaana jedhaman, (Hojii Ergamootaa 11:26), Agriiphaan Yommus Phaauloosiin "Yeroodhuma gabaabduu keessatti Kristiyaana na gochuuf jetta" jedheen ( Hojii Ergamootaa

26:28).Pheexroosis “Kristiyaana ta`uu isaatiif yoo dhiphate garuu hin yeella`in, Maqaa Kritoosiin Waamamee isa Hojjete sanaan Waaqayyoof Ulfina haa kennu” jedha (1 Phexroos 4:16), egaa Yaadadhu, “Fayyinnis Yesuus Kristoos duwwaadhaan Malee kan biraatiin tokko illee hin jiru, maqaan kan biraa ittiin kan nuuf ta`u waaqa jalaa ilmaan namootaatiif hin kennamne” ( Hojii Ergamootaa 4:12).

6. KRISTOOS DUWWAATU MATAA WALDAATI:- “Inni Mataa Waldaa Kristiyaanaa isa dhagna isaa jedhamee Waamameeti, inni jalqaba waan hundumaati, waan hundumaatti isa duraa akka ta`uuf, inni warra du`an keessaa dura ka`e” (Qolosaayis 1:18).

7. WALDAAN DHAGNA TOKKO:- “Akkuma abdiin Waamichaa inni isin itti Waamamtan tokkicha ta`e, dhagni tokko, hafuurris tokko, cuuphaan tokko Amantiin tokko” (Efeesoon 4:4), Innis Waldaa dha, (Qolosaayis 1:18) erga dhagni tokko ta`ee, Waldaanis tokko.

8. WALDAA KANATTI DABALAMUUDHAAF ULAAGA QABA:-, Kumis immoo “ Amanuu, (Ibroota 11:6), Yaada garaa geeddarachuu (Hojii Ergamootaa 17:30), Kristoosiin dhugaa ba`uu, (Roomaa 10:9,10), fi Cuuphamuu (Maarqoos 16:16, Hojii Ergamootaa 2:38), achii erga fayyaanii Waldaatti dabalamuu (Hojii ergamootaa 2:47), akkasumas Roomaa 6:3, 4, Galaatiyaa 3:26, 27, Qoroontoo 12:13, Namni tokko kan Cuuphamu Kristoos Keessattii fi Waldaa isaa keessattii dha, Kanaaf iyyuu Namni tokko yeroo bishaanii fi hafuura irraa lammata dhalatu, mootummaa Waaqayyooykn Waldaatti gala (Yohaannis 3:3,5).

9. WAAQEFFAANNAAN WALDAAS MALLAATTOO DHA:-Kristiyaanonni torban irraa guyyaa isa duraa Waaqeffachuudhaaf walitti qabamu, (Hojii Ergamootaa 20:7), faarfachuudhaaf (Efeesoon 5:19), kadhachuudhaaf (Hojii Ergamootaa 2:42), dubbii isaa lallabuudhaaf, dhagaa`uudhaaf (2 Xiimootewos 2:15), Irbaata qulqulluu fudhachuu ykn hirmaachuudhaaf (1 Qorontoos 11), Waan argatan irraa kennaa hojii mana gooftaaf kennuudhaan (1 Qorontoos 16:2)

10. DOKTIRIINNI WALDAA CAAFFATA QULQULLUU IRRATT HUNDAA`A:-Dubbii Caafame irratti utuu itti hin dabalin, utuu irraa hin hirrisin, utuu kan biraa bakka hin buusin fayyadamuu dha.(Mullata Yohaannis 22:18,19, Galaatiyaa 1:6-11). Macaafa qulqulluu duwwaadha kan Waldaan ittiin bultu, ittiin geggeeffamtuu fi ittiin hojjettu caaffata Macaafa qulqulluu malee kan biraa fudhatama hin qabu.

11. JAARMIYAAN WALDAA AKKA KAROORA WAAQAA DUWWAADHA:- Kristoos mataa dha (Efeesoon 5:23), Waldoonni mataan mata-

an isaanii maanguddotaa fi Diyaaqunoota qabaatu (1 Xiimootewoos 3, Tiitoo 1), Waldaan biyya lafaa kana irratti mataa Kristoos malee kan biraa hin qabaatu, dhaabbata maqaa namootaatiinis ijaaramuu hin qabu.

12. HOJII YKN DIRQAMA WALDAA:- Hojii fi dirqamni Waldaa iddoo sadiitti qoodamee ilaalama.

A. Wangeela lallabuu (Maarqoos 16:15-16).

B. Rakkatoota gargaaraa (Galaatiyaa 6, Yaaqoob 2).

C. Amantoota hafuuraan cimsuu guddisuu (Ibroota 3:12-14).

13. KRISTIYAANONNI AMANAMUMMAADHAAN JIRAATU:- Akka jireenya biyya lafaatti akka warra hin amanneetti jiraachuu hin qaban (1 Yohaannis 2:15, Yaaqoob 4:4), garuu ija hafuuraa horatu (Galaatiyaa 5:22-23), Amanama duwwaatu gonfoo Ulfinaa fudhata (Mullata Yohaannis 2:10).

Amma kanneen armaa olitti barreeffaman ijoo Waldaa kan ta`an aaffata qulqulluu keessaa kan baa`anii dha. Egaa ati kan dubbisaa jirtu, Waldaa keessa jirtu, waan caaffata kana keessatti caafamee wajjin wal bira qabii ilaali, barreeffama lakkoofsa 1 amma 4 irratti hundaa`iitii gaaffilee kana of gaafadhu. "Waldaa ani keessa jiru eenyutu ijaare?, Kristoosiin moo nama biraatiin ijaarame?, Waldaan ani keessa jiru kun damee isa Yeruusaalemitti jalqabeeti moo iddoo biraatti? Itti fufiitii bara meeqa keessa Waldaan kun dhaabbatte? Jedhii gaafadhu. Yoo bara 33 kan hin hundeeffamin ta`e inni Waldaa Kristoos miti. Dhuma irratti kana of gaafadhu, "Waldaa ani keessa jiru kun maqaa eenyuutiin waamamti? Ykn maqaa eenyuu uffatte? Yoo maqaa Kristoosiin hin waamane ta`e akkamitti kan Kristoosi jenndhama ree? wWaan baayyee of gaafachuu dandeessa, Ammaaf kun in ga`a, kun iyyuu maalummaa fi eenyummaa Waldaa akka barattuuf akka hubattuuf si gargaara, Waldaan ati keessa jirtu kan gooftaati mo kan namaati isa jedhuu akka hubattu si gargaara, akkasuma Waldoolii beektu hundaa wajjin wal bira qabii ilaali, yoo dhugaadhaan amanamummaadhaan barumsa kana qu`attee hubattee amante, eenyummaan Waldaa milikkitoota dhugaa maalii akkka qabu hubatteetta jedheen amana.

Yoo barumsa kana keessatti dhugaan siif galee Waldaa dhugaa kana hubatteetta yoo ta`e, isa sobaa dhiisiiti, dhugaaf jiraadhu, dhugaaf abboomami achii booda iddoo waldaa fayyinni dhugaa jirutti of dabaluuf murteessuu dandeessa.

**Gaaffilee Kanaa Gadii Deebisi**.

1. Hiriyaa ke bara dheeraa addaan baatan akkamitti barbaaduu ykn barbaachisuu dandeessa?
2. Harra`a biyya lafaa irra Waldoolii baayyeetu jiruu?
3. Waldaa dhugaa akkamitti beekuun dandaa`ama?
4. Milikkitoota Waldaa dhugaa kan ta`an eessa irraa argachuu dandeenya?
5. Eenyutu waldaa ijaare?
6. Eessatti ijaarame ykn eessatti jalqabe?
7. Yoom hundeeffame?
8. Maqaan Waldaa dhugaa maali?
9. Dhugaa jechuun maali?
10. Miseensonni Waldaa maal jedhamanii moggaafaman?
11. Eenyu mataan waldaa?
12. Waldaa meeqatu achi jira?
13. Ulaagaa itti buluu Waldaa himi________.
14. Namni tokko akkamitti waldaa kanatti dabalama?
15. Akkaataa Waaqeffannaa Waldaa dhugaa himi__________.
16. Doktriinni Waldaa Kristoos Maalfaadha?
17.Tokkoon tokkoon Waldaa maal qabaachuu qabu?
18. Hojiin Waldaa Sadeen maalfaadha ?
19. Kristiyaanonni jireenya Akkamii jiraachuu qabu?
20. Gonfoo Ulfinaa Eenyutu fudhata?
21. Waldaa Maqaa Namaatiin ijaaramte Kan gooftaati jechuu dandeenyaa?
22.Yeruusaalem Keessatti kan hin jalqabin Kan gooftaati jechuu dandeenyaa?
23. Bara 33 kan hin hundaa`in kan gooftaati jechuu dandeenyaa?
24. Maqaa Kristoosiin Waldaa hin uffatin Kan Kristoosi Jechuu Dandeenyaa?
25. Ati Erga Fayyitee Kristoos Waldaa Kamitti Si dabala ree?

## BARUMSA SHAN
## MAQAA WALDAA

Yoo Waldaan kan Macaafa qulqulluu ta`e maqaan isaas maqaa Caaffata qulqulluu ta`uu qaba. Haa ta`u malee, amma biyya lafaa keessa Waldoonni Namootaan Uumaman, maqaas Namootaan kan moggaafatan baayyeetu jiru, Wanti akkasii kun akkamitti dhufe? Sababoota jiran keessaa kan keenaman Nama Waldaa sana Hundeesse ykn Dhaabe sanaaf Ulfina kennuu irraa kan ka`eedha, Fakkeenyaaf "LUUTERAANII", Gariin immoo Cuuphaa irratti ilaalcha isaan qabanii dha, gariin isaanii guyyootaaf Ulfina kennu, akka guyyaa Ayyaana Shantammaffaa Pheenxeeqoosxee, akka sanbataafa, gariin akka Mootummaa biyya lafaatti Waldaa keessatti hojjechuu, garuu Wantoonni toxxuqaman kunii fi kan kana fakkaatan hundi Ulfina, Kabajaa fi galata gooftaaf ta`u fuudhatanii maqoota moggaafatanii, Dhaabaa fi Aangoo namootaaf godhu.

Maqaan namootaan moggaafamee fi taayitaa namootaan Waldaan dhaabame hundi dogoggoramummaan isaa sababa baayyee qaba. Tokkoffaan addaa addummaadhaaf sababa, Waldaan maqaa addaa addaa qabaachuun jaalala Waaqayyoo miti, adda baasuun Isa Kristoos Tokkummaa Waldaatiif Kadhate Yohaannis 17, Waldaan tooko ta`uu kadhate sanaan mormuu dha, Inni garuu Hundumtuu tokko akka taanu kadhate. Lammaffaan, Caaffata qulqulluu Ciigga`uu, Ergaa Qoroontoos 1ffaa 1:10-17, irratti Phaauloos, addaan qoqqooduun garuuu fi maqaa biraa uffachuun dogoggora ta`uu isaa hima. Sadaffaan, maqooleen moggaafaman iddoo fi ulfina gooftaa fudhachuu ta`a. mee Waa`ee Maqaa Kristoos Yeroo dubbifnu akkas jedha "Fayyinnis Yesuus Kristoos duwwaadhaan malee, kan biraatiin tokko illee hin jiru, maqaan biraa, ittiin fayyuun kan nuuf ta`u, Waaqa jalaa ilmaan namootaaf hin kennamne" jedha (Hojii Ergamootaa 4:12). Arfaffaa, Maqaan Waldaa Namootaan moggaafamanii fi taayitaa namootaa, Nama Wallaalchisuu dha, akkasumas Warra hin amanne akka Kristoos irraa deebi`anii badan isaan godha, kanaafu dogoggoraa fi cubbuu dha jechuu dha.

Akka Waldaatti, Kan abdachiisee dhaabes Kristoosi (Maatewoos 16:18). Akka Jedhametti Dhiiga isaatiin kan bite Kristoosi (Hojii Ergamootaa 20:28), Inni Fayyisaa Waldaati (Efeesoon 5:23), inni mataa Waldaati (Qolosaayis 1:18). Kristoos duwwaa uffachuu qabdi maqaa isaatiin waamamuu, Hundeessaa isaatiif ulfina kennuu, ijaaraa waldaatiif, fayyisaa, mataa Waldaa kan ta`e Kristoosiif ulfina kennuu qaba Waldaan, Yeroo Phaauloos Waldaa Roomaaf Caafe "Waldoonni Kristoos nagaa isiniif ergu" jedhe (Roomaa 16:16). Ak-

kasuma Waldaa Qoroontoos, “Amma isin dhagna Kristoos, miseensa isaati jedhe (1 Qoronxoos 12:27) egaa Waldaan dhagna (Efeesoon 1:22,23), erga taatee Inni kan dubbachaa jiru waa`ee Waldaa Kristoos. Akkasumas Waldaa Waaqayyoo jedhameera(1 Qoroontoos 1:2, Hojii Ergamootaa 20:28), Mootummaa Waaqayyooti (1 Qorooontoos 6:9), Mootummaa Kristoosi (Efeesoon 5:5), Mootummaa ilam isaa isa Jaallatamaa (Qolosaayis 1:13), Mootummaa gooftaa keenyaa (2 Pheexroos 1:11), Waldaa (Hojii Ergamootaa 13:1), Waldaa Waaqajiraataa (1 Xiimootewos 3:15) Waldaaa Angafootaa (Ibroota 12:23), kkf… kanaafuu Waldaan Kan biraa eenyuun iyyuu Waamamuu hin qabu, maqaa eenyyutiin iyyuu moggaadamuu hin qabu.akkasuma Waldaan kan Waaqayyo duwwaadha kan Kristoos duwwaadha., kun hundumtuu maqooleen Caaffanni himu hundinuu Waldaa Kristoos dhaabe ykn hundeessee dha., erga Waldaan kan Kristoos hin taanee, kan eenyuu ta`uu dandaa`a ree? Maqoolee kana hund haaluun dhuguma Caaffata qulqulluu irraa fagaachuu barbaadanii maqaa Waldaa gooftaatiif maqaa biraa fo`achuu dha. Mee nuti garuu Caaffata qulqulluu wajjin turree Maqaaa Caaffanni Waldaa ittiin Waamuun haa wamnu. Yeroo akkas goonu, yommus nuti sirrii taana.

Akkuma miseensonni Waldaa, akka dubbiin caaffataa jedhutti Maqaa Miseensonni ittiin Waamaman Waaqayyo kennuu isaa, raajiidhaan Isaayyaas dubbate (Isaayyaas 62:2), Maqaan sun waggoota baayyee booda Phaauloosiin dhalate, (Hojii Ergamootaa 9:15), garuu haa ta`u malee amma gaafa Ormoonni Wangeelaaf abboomamaniitti maqaan kun hojii irra hin oolle, Raajiin kun kan inni Raawwaate Anxookiyaa keessatti, beekkame, yeroo jalqabaatiif Kristiayaana jedhaman (Hojii Ergamootaa 11:26), booda irra yeroo dubbifnu, yeroo Phaauloos wangeela lallabu Mootii Agriiphaan, “Yeroo gabaabduu keessatti Kristiayaana na gochuuf “ jedhe (Hojii ergamootaa 26:28), Waliigala irratti maqaa kana kan dubbifnu Pheexroos “Kristiyaana ta`uu isaatiif yoo dhphate garuu hin yweella`in ! maqaan Kristoosiin Waamamee isa Hojjete sanaan Waaqayyoof ulfina haa kennu” jedha (1 Pheexroos 4:16).

Egaa akka duukka buutonni Kristoos ifaa ifatti maqaan isaanii Kristiyaanaa fi Kristiyaana duwwaa ta`e, ifa galaa dha.Gooftaan harra`as maqaa kana duwwaadhaan akka jiraannu barbaada. Yoo maqaa nuuf kenname kana faallaa waamane nuti Kristiyaana dhugaa miti jechuudha. Maqaan Kristiyaana jedhame Biyya lafaa irra amanaa ta`ee adda kan ba`e ta`uu isaati gooftaanis kana barbaada.

Maqoolee lamaan Waldaa fi Kristiayaana, akkasumas Kristoos kan jedhu Kan hunda caaleeedha. Maaliifi? Sabani isaa inni Maatii Waaqayyooti (Efeesoon 3:14,15), Maqaa Maqoota hunda Caalu (Filiiphosiyos 2:9-11), Ma-

qaa Fayyiini itti argamu (Hojii Ergamootaa 4:12). Kanaaf iyyuu, nuti Maqaa Kristoositti Amanna (1 Yohaannis 5:13), Maqaa sana hugaa baana (2 Ximootewoos 2:19), maqaa sanaan yaada garaa geeddarannee Cuuphane (Hojii Ergamootaa 2:38) maqaa sanaan Waan hundumaas goona (Qolosaayis 3:17), jireenya bara baraas maqaa sanaan arganne (Yohaannis 20:30-31)., Kana hubannaan Dhugumatti eenyu illee Maqaan homaa hin qabu jechuu hin danda`u.

Sirriidhumatti Fayyinni maqaa fi aangoo namootattiin akkasumas maqaa namootaa warri uffatan badaniiru sababii maqaa kennameen hin ta`iniif. Karaa biraa Fayyinni maqaa Kristoos duwwaadhaan ta`a.

## GAAFFII

**Gaaffilee**.

1. Waldaan ____________caaffata qulqulluutiin waamamuu qaba.
2. Maqaa namaa fi taayitaadhaan waldaan moggaafama____________dha.
3. Kadhannaan ____________“__________________gammachiisuudha.
4. Amma nuti ___________________ dha.
5. Waaqayyo saba isaatiif_______________in kenna.

**Eeyyee Ykn Lakkii Jedhii Deebisi**.

1. Waldaan maqaa Caaffata qulqulluutiin moggaafamuu qabaa?
2. Waldaan maqaa namaa fi taayitaa namaan moggaafame sirri dha?
3. Fayyinni maqaa Kristoosiinii?
4. Gooftaan hunda keenya maqaa tokko akka uffannu barbaadaa?
5. Namni tokko utuu Kristoosiin hin uffatin ulfina kennuufi dandaa`a?

**Deebisaa Sirrii Kenni.**

1. Waldoonni maqaa namaatiin moggaafaman akkamitti dhufan?
2. Waldaa namootaan hundeeffaman dogoggora sababa itti ta`an ibsi
3. Kristoos kan kadhate maaliifi?
4. Yeroo adda qoodamuun waldaa ta`e Phaauloos maal godhe?
5. Waldaan maaliif maqaa Kristoosiin uffachuu qaba?
6. Roomaa 16:16, as irratti barreessi
7. Dhagni Kristoos akka 1 Qorontoos 1:12:27, itti maali?
8. Maqoota Waldaaf Kennaman caaffata keessaa amma tokko barreessi.
9. Waldaan kan Kristoos erga hin taanee kan eenyuu ta`uu danddeessi?
10. Miseensonni Waldaa Kristoos maal jedhamanii waamamu?

11. Maqaa Kristiaana jedhu Luqqisa sadii barreessi
12. Harra`a gooftaan maal akka goonu barbaada?
13. Akka Kristiaana dur sana ta`uun in dandaa`amaa?
14. Maqaa Kristoosiin maaliif ol ol qabna?
15. Maqaa Kristoosiin maal maal faa goona?

## BARUMSA JAHA
## JAARMIYAA WALDAA

Kristoos Waldaa ijaare (Maatewos 16:18). Waldaan walitti qabamuu warra waamamaniiti, isaanis warra biyya lafaa keessaa waamamanii dha.(Qolosaayis 1:13-14).isaanis warra fayyanii dha (Hojii ergamootaa 2:47), Waldaa dhagna isaa kan Hafuuraati (Qolosaayie 1:18), Innis tokkuma (Efeesoon 4:4).

Waldaan lakkoofsa baayyeedhaan (Universal) dhaan waamamuu jechuun Waldoolii dhibbeentaadhaa, ykn kumaatamaan iddoo addaa addaatti kan dhaabbatanii dha, isaanis Mootummaa Waldaa ganda, naannoo biyya kkf kan ijaaramaniidha, kana Jechuun Waldaan biyya lafaa kana irratti Mataa kan ta`eef, yookiin Waajira biyyoolessaa ykn addunyaa hin qabu jechuudha. Caaffanni kan nu barsiisu Kristoos mataa Waldaa ta`uu isaati, mee Caaffata itti aa`anu ilaalla, "Waaqayyo waan hundumaa miilla Kristoos jala kaa`e, gooftìcha waan hundumaa gararraa jiru kanas Waldaa Kristiyaanaatiif mataa godhee kenne, Waldaan Kristiyaanaa dhagna Kristoos, inni waan hundumaa karaa hundumaan guutuu, guutummaa isaatti dhagna isaa kanatti in jiraata" (Efeesoon 1:22-23), "Kristoos mataa waldaa Kristiyaanaa akkuma ta`e, abbaan manaas mataa haadha manaati, Kristoos Fayyisaa Waldaa Kristiyaanaati, Waldaan immoo dhagna isaati" (Efeesoon 5:23). "Inni mataa Waldaa Kristiyaanaa isa dhagna isaa jedhamee waamameeti, inni jalqaba waan hundumaati, waan hundumaatti isa duraa akka ta`uuf, inni warra du`an keessaa dura ka`e" (Qolosaayyis 1:18). Amma luqqistoonni kun maal nu barsiisu?, akkuma beekamutti Kristoos mataa dhagnaati, dhagni sunis Waldaa dha. Mataa meeqatu achi jira? Tokko duwwaadha, innis Kristoosi, mataa ta`uu isaa eenyuuf iyyuu hin hirre ykn hin kennine. Egaa Waldooliin iddoo fi naannoo addaa addaatti dhaabamaniifis mataan Kristoosi, akkasuma Kristoos mataa miseensota Waldaa ykn mataa Kristiyaanotaati, kana ilaalchisee Phaauloos akkas jedha, "Amma immoo Kristoos mataa warra dhiiraa, abbaan manaa mataa haadha manaa, Waaqayyo mataa Kristoos ta`uu isaa akka beektan nan barbaada" (1 Qoroontoos 11:3).

Itti aa`anee Waldooliin Naannoolee iddoo adda addaatti argaman, jaarmiyaa mataa isaanii qabu. Kana jechuun Kristoos mataa hunduma isaanii ta`ee, Waldooliin kun, missensa mataa isaanii, Jaarsolii waldaa mataa isaanii, Diyaaqonoota mataa isaanii qabaachuu qabu, warri kunis Waldaa sana Hafuuraanis fooniiniinis kan ilaalaniidha. Jaarsoliin lubbuu Miseensotaatiif (Ibroota 13:7), akkasumas Diyaaqunoonni jireenya qaama ykn foonii miseensotaa ordofuuf, (Hojii Ergam.6), Kan yaadatamuu qabu, Caaffanni

akka jedhutti, waldooliin baayyina jaarsolii Waldaa fi Diyaaqunootaa hima, kana jechuun tokko duwwaa miti, isaan kunis Ordoftoota ilaaltota miseensotaati.kan beekkamuu qabu Jaarsoliin yookaan Diyaaqunoonni Waldaa, Waldaa mataa isaanii malee Waldaa biraa wajjin tokkummaa qabu garuu Waldaa isaanii malee Waldaa biraa to`achuu hin dandaa`ani.

Jechi Jaarsolii, paasterii, luba, biishooppi, tiksee, presbaiter jedhu tokkuma, Jaarsoliin Paasterii bishooppii, kkf. Ergaa Xiimootewos 1: 3:1-7, irratti Phaauloos lakkoofsa ulaagaa yeroo barreessu akkas jedha. "Namni ilaaltuu, hojii Waldaa Kristiyaanaa ta`uu fedhu, hojii ba`eessa hawwa, inni jedhu dubbii amanamaa dha, ilaaltuu hojii Waldaa Kristiyaanaa, waan ittiin jedhan kan hin qabne, nama haadha manaa tokkittii nama dhugaatiitti of hin ganne, nama of qabu, nama ulfinaa, nama keessummoota jaallatu, nama warra kaan barsiisuu danda`us ta`uun isa irra jira, nama garraamii, nags-qabeessa malee, nama machss`aa, nama lola jaallatus hin ta`in ! nama horii jaallatus hin ta`in ! Nama warra manaa isaa ba`eessa godhee bulchu, ijoollee isaas ulfina hundumaan abboomamuuf kan guddisu, ts`uun isa irra jira, Namni akka itti warra mana isaa bulchu hin beekne immoo, attamitti Waldaa Waaqayyoof yaaduu danda`aa ree? Of jajuudhaan afuufamee, firdii isa kanaan dura seexaanni faradametti akka hin kufnetti, nama dhi`oo amane hin ta`in ! Maqaan isaa badee kiyyoo Seexaanaa keessatti akka hin kufnetti, warra alaa biratti maqaa gaarii qabaachuun isaaf In ta`a" (1 Xiimootewos 3:1-7), ulaagaan kun Tiitoo irrattis akkas jedha, "Sababiin ani Qareexis biyys bishaan keessatti si hambiseefis wanta toora hin qabaatin hafe akka toora qabsiiftuuf, mandaruma mandarattis akkuma ani si argisiisetti jaarsolii hojii Waldaa geggeessuu irra akka dhaabduuf ture, namni hojii akkasii irra dhaabbatu immoo waan ittiin jedhan kan hin qabne, nama haadha manaa tokkitti, ijoolleen isaa kan amanan malee, gaddhiisiitti jiraachuu isaaniitiin yookis abboomamuu diduu isaaniitiin kan hin hadheeffamin haa ta`u, ilaaltuun hojii waldaa tokko, hojii Waaqayyoo in adeemsisa erga ta`ee, waan ittiin jedhan kan hin qabne ta`uun isa irra jira, ofii isaa malee warra kaan kan hin gammachiifne yookiis machaa`aa yookis nama tola jaallatu, nama bu`aa karaa dalgaa argachuu sassatu ta`uun isa irra hin jiru, nama keessummaa simachuu jaallatu, nama waan gaarii jaallatu, nama qajeelaa, qullaa`aa, nama adaba qabus haa ta`u, barsiisa sirrii sanaan gorsuu, warra isaan mormanitti immoo balleessaa isaanii itti mul`isuu akka danda`utti dubbicha isa amanamaa sanatti jabaatee qabamuun isa irra jira" (Tiitoo 1:5-9). Kanaaf Jaarsolii Waldaa eenyu iyyuu ta`uu hin danda`u, nama ulaagaa kanneen guutu malee, Waldaa miseensoonni baayyee hin jirretti waldaa namoonni ulaagaa jaarsummaa hin

guunne jirannitti, amma hafuuraan guddatanii jaarsoliin mullataniitti, namni Waldaa keessa jiru waan sana geggeessuu danda`a, egaa waan waldaa sanaaf of eeggannoo godhee amanamummaan geggeessuu qaba.

Diyaaaqonoonni Jaarsolii waldaa wajjin tajaajiluuf muudamu, isaan tajaajiltoota ta`anii hojjechuudhaaf qajeelfama jaarsolii jalatti ta`u.Phaauloos akkas jedhee ulaagaa barrssse "Diyaaqonoonni (Warri Waldaa Kristiyaanaa keessatti gargaartota ta`anis) akkasuma namoota ulfina nama irraa qaban malee, warra arraba lama dubbatan, dhugaatiittis warra gad of dhiisan, karaa dalgaatiin bu`aa argachuu warra jaallatan hin ta`in, yaada garaa qullaa`aadhaan dhoksaaa amantiitti qabamanii jiraachuun isaaniif in ta`a, isaan duraan dursanii qoramanii ilaalamuun in ta`aaf, ilaalamanii erga waa irraa dhabamee haa hojjetan. Gargaartonni dubartoonnis warra ulfina nama irraa qaban, warra dhugaatiitti of hin ganne, waan hundumaattis amanamoo haa ta`an malee, warra maqaa namaa balleessan ta`uun irra hin jiru, Diyaaqonoonni abbaa manaa haadha manaa tokkoo haa ta`an, ijoollee warra mana isaaniis ba`eessa godhanii haa bulchan, Diyaaqonoonni warri ba`eessa hojjetan ofii isaaniitiif iddoo gaarii, amantii isa Kristoos Yesuusiin argamu kana keessattis, ija jabina guddaa in argatu" (1 Ximootewoos 3:8-13).

Kun egaa jaarmiyaa akka waaqayyootti waldaadhaaf ta`eedha., Kristoos mataa dha, Waldoolii tokkoo tokkoo isaaniitiif jaarsolii fi Diyaaqonoota mataa mataa isaanii qabu. Aboo isaanii jalatti Hojjetoota Wangeelaa, Barsiisota Wangeelaa fi miseensota qabu. Karaa irraa yoo Waldaan gatantarte Jaarsoliin yeroo hundumaa amanamoo ta`uu qabu. Yoo Miseensi Waldaa hundi dhugaa irra jalla`atee namni tokko duwwaan hafe jaarsoliin nama tokkoo sanaaf amanamoo ta`uu qabu. Akka Akeeka gooftaatti Waldaan tokko mataa isaa danda`ee jiraata, waldaa biraa irratti maxxantuu ta`uu matumaa hin qabu.walitti hidhannaan isaanii ykn walqunnamtiin isaanii jaalala irratti malee akka waldaa namootaatti ta`uu hin qabu, jaalala obbolummaa walqunnamtii obbolummaatiin walii wajjin tokkummaa qabachuu , walii wajjin hojjechuu danda`u, kunis Kristoos keessatti jechuudha. Kanaa irraa kan hafe yaada namootaatiin Karaa gooftaa jijjiiruun qaroomina baraatiin geeddaruun hin ta`u.

Iddoo kam itti illee, Pheexroos ykn namni biraa mataa waldaa ta`uu isaanii hin dubbifne, iddoo kam itti illee Paasteriin ykn Hojjetaan wangeelaa, ykn Bishooppiin mataa waldaati kan jedhu hin dubbifne,iddpp kamitti iyyoo sooraa kan jedhu hin dubbifne. Baayyeen dhaaba amantootaa dubbii Waaqayyoo irraa adda ba`anii akka yaada isaaniitti bulchaa jiru, Sababoota Waldoliin addaan qoqqoodaman keessaa inni kun isa tokkoo dha. Kana waaan

ta`eef furtuu ykn qulfii Waldaa dhugaa sana beekuudhaaf gara Macaafa qulqulluutti deebinee Jaarmiyaan Waldaa isa dhugaa sanaa maal akka ta`e haa beeknu, haa qu`annu.

## GAAFFII

**Gaaffilee Kanaaf Deebisaa Sirrii Deebisi.**

1. Eenyutu Waldaa ijaare?
2. Waldaa walitti qabamuu eenyuuti?
3. Dhagni Kristoos inni Jedhuu Hafuuraani moo fooniini?
4. Waldaa meeqatu ijaarame?
5. Waldaan uumamaan ____________dha.
6. Waldaan dhibbentaa fi kumaatama taa`uu dandeessi?
7. Waldaan biyya lafaa kana irratti mataa qabdii?
8. Mootummaan Waldaa, naannoo, biyyoolessaa addunyyadhaa?
9. Eenyu mataa Waldaa?
10. Warri Waldoolii naannoo ilaaltuun Waldaa maal jedhamu?
11.Hojii ilaaltuu Waldaa maal maal faadha?
12. Jaarsolii meeqaa fi Diyaaqonoota meeqatu Waldaa tokkoof mala?
13. Jaarsoliin Waldaa maqaa biraa maaliin waamamu?
14. Waa`ee Jaarsolii waldaa kan dubbifnu eessatti?
15.Waa`een Diyaaqonootaa ho eessatti dubbifna?
16. Waldaa yoo miseensa hin aabu ta`e Jaarsoliin fi Diyaaqonoonni qabaachuu danda`uu?
17. Yeroo akkasii Waldaa sana kan ilaaluu qabu eenyu?
18. Waldooliin haaa akkamiitiin walitti dhufeenya godhatu?
19. Akeeka Waaqayyo kaa`e jijjiiruun in dandaa`amaa?
20. Akka dubbii caaffata qulqulluutti Pheexroos Mataa Waldaatii?
21. Waldaa irratti waajira keessatti nama bishooppin akka jiru dubbifneerraa?
22. Waldaa irratti Paasterii waan jedhu dubbifneerraa?
23. Caaffafata keessatti sooraa kan jedhu dubbifneerraa?
24. Biyya lafaa kana irratti adddaan qoodamuun waldaa maaliifi?
25. Furtuu jaarmiyaa waldaa isa dhugaa sana argachuudhaaf eessa dhaquu qabna?

## BARUMSA TORBA
## WALDAATTI DABALAMUU

Barumsa keenya amma ammaatti barbaachisummaa Waldaa ilaalleerra. Kunis dhugaa Caaffanni qulqulluun isa Kristoos Waldaa dhaaf jedhee du`e nuuf dhugoomsa (Efeesoon 5:25). Akka inni Waldaa dhiiga isaatiin bite, (Hojii ergamootaa 20:28), Akka inni Fayyisaa Waldaa ta`e (Efeesoon 5:23). Egaa Gaaffileen kun ka`uu qabu. Kristoos waan hin barbaachifneef du`ee?, Kristoos Waldaa Faayidaa hin qabneef du`ee? Yoo namni tokko Waldaa alatti fayyuu danda`a ta`e inni fayyisaa nama sanaatii?, Dhugaadhumatti Deebisaan ke gaaffilee kana hundaa "Lakkii" isa jedhu taa. Erga akkas ta`ee maaliif Waldaan hin barbaachisu,miseensa Waldaa utuu hin ta`in fayyuun in dandaa`ama jedhama ree? Gabaabaadhumatti sababni isaa namoonni Waa`een Waldaa warra hin galleefiidha, akkasumas yaada dogoggoraatiin warra gowwoonfameedha.

Dhugaan jiru Caaffanni qulqulluun Waldaatu nama fayyisa hin jenne, garuu akki jedhu namni tokko kan fayyu Waldaa keessattiidha jedha, Akkuma Markabni Nohi namoota hin fayyifne garuu Nohii fi maatiin isaa Markaba sana keessa Seenanii Badiisa bishaanii irra fayyan malee, kanaaf Waldaanis akkasumaa, Gooftaan warra fayyan Waldaatti dabala. Gaafa Namoonni Wangeelaa dhagaa`anii abboomaman gaafa Ayyaana pheenxeeqoosxee sana, Caaffanni akkas jedha, "Gooftaanis warra fayyan guyyaa guyyaa irraa Isaanitti in dabala ture" jedha. (Hojii Ergamootaa 2:47). Kanaaf namni tokko yeroo fayyu miseensa Waldaati, miseensa Waldaa miti yoo ta`e inni hin fayyine, Salphaadhumatti karaa biraatiin Waldaa alatti fayyinni hin jiru jechuudha.namni tokko miseensa dhaabbota amantaa, akkasumas akkataataa namootaan alatti fayyuu in danda`a garuu missensa Waldaa Kristoos utuu hin ta`in fayyuu hin danda`u.

Qu`annaa keenya ilaalchisee, namni tokko utuu hin fayyin waldaatti dabalamuu hin danda`u, garuu Gooftaan warra fayyan Waldaatti in dabala, erga inni warra fayyan waldaatti dabala ta`ee waldaan walitti qabamuu warra fayyaniiti jechuudha.Gooftaan laphee namaa ilaala, miira namaas beeka kkf, kun immoo murtii Abboomamuu namicha sanaa akka inni abboomamuuf dhihaate gooftaatti beekkama, yeroo inni ulfina kennee abboomame goftaan waldaatti dabala. Yoo ta`uu dhaa baate, yoo nuti illee nama sana simannee gooftaadhaan Waldaatti hin dabalamu, sababni isaa akkaataan Waldaatti dabalamuu abboomamuu duwwaadha. Erga namni tokko Waldaatti dabalamee hundumtuu isa in simata kunis itti gaafatama nama abboomamee Waldaatti

dabalamee kan fudhatu gooftaadha, waldaatti dabaluufis aboo fi itti gaafatamni kan gooftaa duwwaadha. Gooftaan hin dogoggoru, akeekni isaas sirrii dha, hojiin isaas sirrii dha.

Erga Kristoos fayyisaa Waldaa ta`ee, erga isatu waldaatti dabalas ta`e, namni tokko waldaatti dabalamuuf waan gooftaan isa irraa eegu beekuu qaba, kun egaa ifaa ifatti dubbii Waaqayyooti, keessumatti iyyuu waa`ee Waldaa ilaalchisee Macaafni Hojii ergamootaa nuuf addeessa. Garruu karaan waldaatti dabalaman karaan biraa hin jiru. Karaan jiru.

1. Namni tokko dhugaa Wangeelaa dhaga`uu qaba, "Egaa Amantiin dhaga`uu  irraa in dhufa, wanti dhagaa`uun ta`u immoo dubbii Kristoosiin beekkama" (Roomaa 10:17).

2. Namni sun Kristoosii fi Waaqayyotti amanuu qaba, "Amantii malee immoo Waaqayyoon gammachiisuun hin dandaa`amu, Eenyu illee Waaqayyotti dhihaachuu yoo barbaade, inni akka jiru, warra isa barbaadaniifis gatii isaanii akka kennuuf amanuun isa irra jira" (Ibroota 11:6),  "Yesuus itti fufee bartoota isaatiin garaan keessan hin raafamin, Waaqayyotti amanaa, anattis amanaa" jedhe (Yohaannis 14:1)

3. Cubbuu isaa irraa Yaada gaaa geeddarachuu qaba. "Waauu, ani isinittan hima,hundumti keessan yoo yaada garaa keessanii geeddarachuu dhaabaattan akkuma kanatti in dhumtu" (Luuqaas 13:3).

4. Kristoos ilma Waaqayyo ta`uu isaa dhugaa ba`uu qaba., Kristoos akkas jedhe "Eenyu illee namoota duratti eenyu akkan ta`e dhugaa ba`ee yoo mullise, anis abbaa ko isa Waaqa irraa duratti dhugaa nan ba`aaf" jedhe (Maatewos 10:32).

5. Haqamuu cubbuu isaatiitiif cuuphamuu qaba, Cuuphaan kunis bishaan keessatti awwaalamuudhaan ta`a.(Roomaa 6:3,4, Hojii Ergamootaa 8:26-39). "Namni amane namni Cuuphames in fayya, namni hin amanne garuu itti in faradama" (Maarqoos 16:16)."Pheexroos immoo "Yaada garaa Keessanii geeddaradhaa, cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf, tokkoon tokkoon keessan maqaa Yesuus Kristoosittii Cuuphamaa, kennaa hafuura qulqulluus  in fudhattu" jedhe (Hojii Ergamootaa 2:38).

Amma barumsa kana irratti maal baranne? Kan hubanne gooftaan warra fayyan Waldaatti dabaluu isaati, kana jechuun yeroo namni tokko Wangeela Abboomamee jedhu gooftaan yeroodhuma sana Waldaatti dabala, Tole egaa wanti hubanne, dhugaa dhaga`uudhaan,Amanuudhaan, cubbuu ofii irraa yaada garaa geeddarachuudhaan,Krsitoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`uudhaan, fi Awwalamuudhaan cuuphamuudhaan namni tokko akka fayyu hubannee ilaallee jirra. Kana yeroo eenyu iyyuu godhu gooftaa-

an Waldaa isaatti dabala, Egaa Akeekni fayyinaa abboomamuu wangeelaa godhee erga Waaqayyo nuuf kennee fayyuudhaanis Waldaatti dabalamuun kara salphaa dhaa?

Karaan biraa itti dabalaman, akka gooftaan jedhe mootummaa Waaqayyootti dabalamuudhaaf bishaanii fi hafuura irraa dhalachuudhaani (Yohaannis 3:3,5). Mootummaa Waaqayyo jechuun maali? Inni Waldaa dha, (Maatewoos 16:18-19), Tole, Gooftaan Waldaatti dabaluudhaaf karaa lama qabaa ? dhugumatti karaan lama hin jiru., namni amanee fi cuuphame barsiisa faayinaa karaa hafuura isaati barumsa sana yoo baratee abboomame, namni sun lammata dhalachuudhaan mootummaa Waaqayyootti galuu danda`a, maatii Waaqayyoos ta`uu dandaa`a, maatiin Waaqayyoos Waldaa dha.

Darbees Phaauloos akkas jedha."Ammas hundumti keessan dhagna Kristoos, adduma addaanis bu`aa dhagna isaatiiti" jedha (1 Qoroontoos 12:27). Garuu maal dhagna jechuun? Innis Waldaa dha (Qolosaayis 1:18). Waldaan meeqatu jiru? Tokko duwwaadha (Efeesoon 4:4, Efeesoon 1:22-23), Namni tokko akkamitti waldaa kanatti dabalama?, Cuuphamuudhaani. Garuu Kristoos akka jedhe namni tokko yoo Amanee fi Yoo Cuuphame in fayya jedhe (Maarqoos 16:16), Tole, kanas Warri Qoroontoos godhaniiru (Hojii Ergamootaa 18:8), egaa namni tokko yeroo Waldaa keessatti Cuuphama yoo ta`e qaama Waldaa sanaatti dabalama.

Karaan fayyinaa tokko duwwaatu jira, akkuma arginettigooftaan Waldaatti dabala. Ati miseensa Waldaa Kristoos isa caafata qulqulluu irra dubbifte tii? Yoo miti taate, yoo hin fayyine taate, qu`adhu Caaffata keessa isaa sakkata`I, dhugaaf abboomami gooftaaf abboomami, inni yommus Waldaa isaatti si dabala.

## GAAFFII

**Gaaffii Kanaaf Deebii Sirrii Deebisi.**

1. Waa`ee Waldaa maal baratte?
2. Waldaadhaaf eenyutu du`e?
3. Waldaan maaliin bitamte?
4. Eenyu fayyisaan Waldaa?
5. Waldaan barbaacisaa ta`uu isaa akkamitti beekna?
6. Namoonni gariin maaliif Waldaa barbaachisaa miti jedhu?
7. Waldaan nama in fayyisaa?
8. Namni tokko miseensa Waldaa ta`uuf fayyuu qabaa?
9. Eessatti Nohii fi maatiin isaa badiiisa bishaanii jalaa kan oolan?

10. Gaafas Markaba sanaa ala iddoon fayyinaa tureeraa?
11. Eenyutu warra fayyan Waldaatti dabala?
12. Luqqisa isa Waldaatti dabala jedhu barreessi.
13. Namni tokko akkuma fayyeen miseensa Waldaa kamii ta`a?
14. Namni tokko Waldaa gooftaatti dhufuu dandaa`a?
15. Tartiibni shanan waldaatti dabalamuu maal faa dha?
16. Namni tokko utuu kanneen hin abboomamin fayyuu dandaa`a?
17. Cuuphaan maali?
18. Maali kaayyoon Cuuphaa?
19. Mootummaan Waaqayyoo maali?
20. Karaan tokkichi mootummaa Waaqayyootti galan akkami?
21. Dhagni maali?
22. Dhagna meeqatu jira?
23. Akkamittidhagna sanatti dabalamna?
24. Fayyuudhaaf karaa meeqatu jira?
25. Waldaadhaaf karaa meeqatu jira?

## BARUMSA SADDEET
## WAAQEFFANNAA WALDAA

Waldaan walitti qabama warra fayyaniiti. Karaa Yesuus Kristoosiin Waaqayyon Waaqeffachuu fi tajaajiluun akeeka isaati. Phaauloos akkas jedha. "Dubbiidhaan yookiis gochaadhaan waanumti isin hojjettan hundinuu maqaa gooftaa Yesuusiin haa ta`u, isumaanis Waaqayyo abbaadhaaf galata dhiheessaa" (Qolosaayiis 3:17).

Waaqeffannaan kakuu haaraa keessa bifa sadiitti qoodamanii argamu. Tokkoffaan, Waaqeffannaa duudummaa ykn Wallalummaa, Yeroo Phaauloos gaara Aariophaagos walakkaa dhaabbatee dubbate, Warra Waaqofta tolfamaa waaqessu argee, "Yaa warra Ateenaa, isin karaa hundumaa warra amantii akka isin taatan nan arga utuun darbuu iddoo sagada keessanii baayy`ee yommuu ani do`adhetti, IDDOO AARSAA WAAQAYYO ISA HIN BEEKAMNEEF" jedhame irratti caafame tokko argeera, egaa isa isin utuu hin beekin itti sagaddan kana, isa isinittan lallaba" jedhe (Hojii Ergamootaa 17:23), egaa akkuma warri kun waaqa hin beekneef sagadan baayyenis akkuma kanatti kan sagadan kan Waaqeffatan jiru, Biyya lafaa kana irra warri waaqa tolfamoodhaaf sagadan milioona duwwaa miti, garuu miliyoonota baayyeetu, shaakala amantaatiin waaqolii tolfamoodhaaf wallaalummaadhaan sagada ykn Waaqeffata. Lammaffaa Dubbiin gooftaa akka dubbatutti waaqeffannaa oftuulummaa, ykn abboommii namaa kan Waaqeffatan dubbata, Kristoos akkas jedha, "Ana waaqessuun isaanii akkasumaan, abboommii namaa akka seera Waaqayyootti barsiisu` isa jedhe ba`eessa dubbate" jedhe (Maatewos 15:9), baayyeen namootaa karaa kanaan Waaqessaa jiru, Gooftaa Waaqessu inni dhugaa dha, garuu waaqeffannaan isaanii abboommii namaa ykn oftuulummaa dha, kunis fudhatama hin qabu, sababni isaa Aa`daa namootaa barsiisu malee barsiisa malee akka jaalala ykn fedhii Waaqayyoo miti. Sadaffaan, akka dubbiin Waaqayyoo dubbatutti waaqeffannaa dhugaati,, innis waaqeffannaa dhugaa fi hafuuraan ta`eedha.dubbii Waaqayyoo dubbifna " Waaqayyo hafuura, warri isaaf sagadanis hafuuraa fi dhugaadhaan isaaf sagaduun in ta`aaf" (Yohaannis 4:24). Kun egaa Waaqeffannaa dhugaa isa Waaqayyo fedhuu dha.kun egaa Bara Kristoos keessa kan Waaqeffatamuu dhakunis Waaqeffanna kalattiidhaan Waaqayyo duraati mullatuu dha, hafuuraan kan Waaqeffatamu ta`ee, Hubannaa fi Jajuudhaan kan ta`ee dha.akka Caafametti dhugaadhaan kan ta`eedha.Waaqayyo Eenyuun iyyuu akka isa Waaqeffatan humnaan hin dhiibu ykn hin dirqu, garuu warri isa Waaqeffatan akka caafametti ta`uu qaba.

Waldaa gooftaa keessatti Waaqeffannaa akkamiitu ta`uu qaba? Dhugumatti Waaqeffannaa beekumsaan malee miti. Yookaanis akka doktriina namaa namootaa fo abboommii namootaas miti. Garuu waaqeffannaan Waldaa Kristoos akka caaffataatti dhugaa fi hafuuraan ta`ee Waaqayyoon biratti kan fudhatama qabuudha.gara Caaffata Kakuu haaraatti yeroo deebinee ilaallu akkuma fakkeenya Waldaan dur durii sun Waaqeffattuttii dha., Waldaan kakuu haaraa durdurii sun Bifa shaniin Waaqeffatti, Waldaan Kristoos ammaa kunis akkasumatti.

1. Dubbii Waaqayyoo qu`achuuf walitti qabamu:-Kanas Xiimotewoos ijoollummaa isaa irraa jalqabee barateera. (2 Xiimootewoos 3:15), Phaauloos dargageessa Hojjetaa Wangeelaa kana akkasitti jajjabeessa "Ati akka hojjetaa qoramee fudhatamee, waan itti yeella`u hin qabneetti, akka nama dubbicha isa dhugaadhaan qajeeltootti hojjetuutti, Waaqayyo dura of Dhaabbachiisuudhaaf dhama`I" jedhe (2 Xiimootewos 2:15). Kun egaa Kristiaanota hundumaaf ta`ee keessumatti iyyuu yeroo Waaqeffannaaf walitti qabaman. Sa`aan kun yeroo Waaqayyo dubbii isaa keessan ijoollee isaatti dubbatuu dha, Hojii Ergamootaa 20:7, irratti Phaauloos Akka qu`annaatti Wangeela obboleeyyanitti dubbii sagalee Waaqayyoo lallabeera.

2. In kadhaatu:- erga Namoonni gooftaaf abboomamaniiguyyaa ayyaana Pheenxeeqoosxee, kan dubbifnu "Amantoonni barsiisa ergamootaatti tokkummaa isaanii cimsachuutti, buddeena cabsachuutti, kadhata godhachuuttis qabamanii jiraatan" (Hojii Ergamootaa 2:42). Karaa kadhataa ijoolleen Waaqayyoo Abbaa isaanii isa Waaqa irraatti himachuuf carraa argatu.

3. Faarfannaadhaan galateeffatu:- Phaauloos akkas jedha obbolootaan "Qooqa garaa garaatiin, faarfannaa galataatiin, weedduu hafuuraatiinis wal harkaa fuudhaa, Garaa keessan keessatti faarfachaa galata gooftaa dhageessisaa" (Efeesoon 5:19), akkasumas Qolosaayis 3:16, Ibroota 13:15. Muuziqaa gosa lamatu jira. Inni tokko sagalee namaatiin yeroo ta`u inni kaan immoo meeshaa Muuziqaatiini. Isaan kana keessaa Waaqayyo isa kamiin Waaqeffamuu barbaada?, faarfannaa sagalee namootaan faarfatmu gaafate, Phaauloos akkas jedhe weedduu hafuuraatiin wal harkaa fuudhaa garaa keessan keessatti faarfannaa galataa gooftaa dhageessisaa, kana jechuun meeshaa Muuziqaatiin faarfachuu miti,. Amantoonni bara durii sunis Waaqayyoon faarfannaadhaan galateeffachaa turan,jaarrota booda namoonni meeshaa muuziqaa itti dabalan, garuu kana Waaqayyo hin ajajne, Waaqayyo Waaqeffannaa kanas hin fudhanne, Kristiyaanonni meeshaa muuziqaatiin faarfachuun isaaniif hin ta`u, meeshaa muuziqaatiin galateeffachuun hin ta`u.

4. Irbaata gooftaa fudhachuudhaan :-fakkeenya kanaa hojii ergamootaa

20:7, Maatewoos 26:26-28, 1 Qoroontoos 11 irratti waa`ee irbaata gooftaa yaadannoo gooftaatiif buddeenaa fi Xoofoo akka fudhannu baranneerra, Xoofoon kunis ija Wayinii irraa cuunfaa isaa innis dhiiga gooftaa iddoo bu`uudhan dhangala`uu dhiiga isaatii yaadachuufi.

5. Waan argatan irraa kennaa kennuu:- Phaauloos warra Galaatiyaa Ajaja kenneera akkasumas Warra Qoroontoosiin, “Erga ani dhufee horii walitti buusuu akka hin barbaachifnetti, sanbata guddaa, torbeedhuma tokkoon tokkoon keessan hamma wal qixxaateef buusee walitti haa qabu” (1 Qoroontoos 16:2), akkasuma 2 Qoroontoos 9:7.

Kristiyaanonni durii guyyaa torban irraa isa duraa walitti qabamu. (Hojii Ergamootaa 20:7, 1 Qoroontoos 16:2). Waaqayyoon Waaqeffachuuf, Akeekkachiifamaniiru. “Akka jara tokkootti amala ta`e, nuyi walitti qabamuu keenya hin dhiifnu, guyyaan gooftaa dhi`aachaa akka adeemu in argitu, kanaaf ittuma caalchifnee wal jajjabeessina” (Ibroota 10:25), Kristiyaanni bara ammaas akkuma gaafa sanaatti walitti qabamna akkuma Caafamettis waaqeffanna.

Waaqeffannaan Waldaa baayyee salphaa dha, warri kanaan gufatan garuu nuffisiisaa godhanii Aa`adaadhaan yaada namootaatiin walitti makuudhaan waan dubbii Caafameen ala godhu. Kun immoo sirrii miti. Waaqayyo akkaataa Waaqeffannaa caaffata keessatti mulliseera, aboo seera Waaqeffannaa baasuu caaffata keessatti namootaaf hin kennine, isa Caafame irratti dabaluunis, irraa hirri`isuunis dhowwaadha, nama kana godhu irratti abaarsi gooftaa itti dhufuuf jira. (Mul. Yohaannis 22:18-19) Waaqayyo dubbateera, Sabni Waaqayyoo Waan Waaqayyo jedhe kanaaf abboomamee akka Caafametti, Waaqeffachuu galateeffachuu ulfina kennuufii qaba.

## GAAFFII

**Gaaffilee Kanaaf Deebii Sirrii Kenni**.

1. Waldaa walitti qabama maalii irraa ta`e?
2. Kaayyoon Waldaa maali?
3. Maqaa gooftaatiin maal maalfaatu ta`uu qaba?
4. Waaqeffannaa gosa ykn bifa meeqatu Kakuu haaraa keessatti dubbifne?
5. Phaauloos Waaqolii tolfamoof sagaduu eessatti arge?
6. Waa`ee waaqeffannaa waaqa tolfamoo maal jedhe?
7. Bara kana namoonni akka sanatti waaqeffatan jiruu?
8. Eenyutu isaan “akka abboommii namaatti waaqessu” jedhe?
9. Maaliif akka yaada namaatti waaqeffatu?

10. Mee luqqistoota waa`ee waaqeffannaa akka seera namaa himu barreessi
11. Harra`a of tuulummaa fi akka abboommii namaatti kan Waaqeffatan jiru?
12. Waaqeffannaan ykn sagadni dhugaan maali?
13. Waaqayyoon hafuuraan Waaqeffachuu jechuun maal jechuudha?
14. Yohaanni 4:24, barreessi
15. Waaqayyoon dhugaadhaan waaqeffachuu jechuun maal jechuudha?
16. Waaqayyo Saba isaa irraa waaqeffannaa akkamii barbaada?
17. Sabni Waaqayyo akka isa Waaqeffachuu qabu, eessatti caafamee jira?
18. Tartiiba Waaqeffannaa shanan barreessi
19. Bara kana Waaqayyo akkamitti namatti dubbata?
20. Ijoolleen Waaqayyo ho akkamitti Waaqayyotti dubbatu?
21. Muuziqaan gosa lama jedhameera, isaan maalii fi maali?
22. Muuziqaa Waaqayyo barbaadu barreessi
23. Maali irbaata gooftaa jechuun?
24. Torban keessa guyyaa kami kan Kristiyaanonni waaqeffannaaf walitti qabaman?
25. Waaqeffannaa gooftaa irratti dabaluu ykn hirri`isuu in dandaa`amaa?

## BARUMSA SAGAL
## HOJII WALDAA

Waldaan maaliif jiraate? Kaayyoon Waldaa maali? Hojiin Waldaa maali? Deebisaa gaaffilee kanaa argachuuf gara dubbii sagalee Waaqayyoo dhaqu qabna.waan hundumaa dura Waldaa jechuun bifa mootummaa biyya lafaa,ykn dhimma biyya lafaa, mana barumsa biyya lafaa, ykn hospitaalaa akka inni hin taane beekuu qabna. Yookaanis Waldaan dhaabbata macaafa itti gurguranii hojii daldalummaa hojjetanii horii ykn mallaqa ittiin argatanii miti. Wanti kanaa olitti barreeffaman barbaachisoo dha, Kristiyaanni dhuunfaa dhuunfaatti waan olitti tuttuqame irratti hirmaachuu danda`u, garuu akka Waldaatti Waldaan kana irratti hin hirmaattu hin geggeessitus. Waldooliin Dhaabbata amantaa biyya lafaa baayyeen waan akkasii gochuudhaan Waldaa dhaaba biizinesii godhaa jiru, kunis ammam sagalee dubbii Waaqayyoo isa Caafame irraa fagoo akka jiran agarsiisa, akkasumas akeeka Waaqayyo hojii Waldaa saba isaatiif akeeke wallaaluu dha.

Yeroo gara dubbii Waaqayyoo isa Caafametti deebinu Hojiin Waldaa iddoo sadiitti qoodamee argamuu isaa dubbifna. Isaanis Wangeela lallabuu, Warra rakkatoota gargaarsi barbaachisu gargaaruu fi Waldaa Hafuuraan jajjabeessuu dha. Mee kanneen sadan tokko tokkoon ilaalla.

1. Wangeela lallabuu:- Kristoos Ergamoota isaa barsiiseera, erga du`aa ka`ee boodaa fi utuu Waaqatti ol hin ba`in akkas ittiin jedhe. “Egaa dhaqaa, maqaa Abbaatii fi ilmaatti, kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan, saba hundumaa bartoota ko godhaa, Waanan isin abboome hundumaa eeguu isaan barsiisaa, kunoo ani immoo hamma dhuma baraatti guyyaa hundumaa isinii wajjin nan jira” isaaniin jedhe. (Maatewoos 28:19-20). “Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa uumama hundumaattis Wangeela lallabaa, Namni amane kan Cuuphames in fayyaa, namni hin amanne garuu itti faradama” jedhe (Maarqoos 16:15-16). Booda irras Phaauloos Hojjetaa Wangeelaa dargaggeessa Xiimootewosiin akkas jedheen, “Dubbicha lallabi, `kun yeroo dha, kun yeroo miti` utuu hin jedhin qophaa`ii argami, nama balleessaa isaa hubachiisi, ifadhu, Obsa hundumaan gorsi barsiisis” jedhe (2 Xiimootewos 4:2)., kana malees Luqqistoonni baayyetu jiru, ammaaf bu`uuraaf Fedhii Waaqayyo hubachiisuuf in ga`a.

Bara ergamoota Gooftaa sana Waldaan maal hojjechaa ture?, miseensonni waan gooftaan godhaa jedhe godhaa turan, dubbii lallabaa turan. Macaafni hojii Ergamootaa, akka fakkeenyaatti kanaan kan guutamee dha. guutuu caaffatichaa keessatti fedhii Waaqayyoo barsiisuu isaanii ibsa. Hojii

Ergamootaa boqonnaa 2, boqonnaa 8, boqonnaa 9, boqonnaa 10 fi 16, dubbisi. Garuu eenyutu lallabaa ? eenyutu barsiisas? Yeruusaalemitti Ari`atamuu guddaa saba Waaqayyoo irra ga`e booda akka Caaffanni jedhutti "Amantoonni warri bittimmaa`an biyya keessa naannaa`anii dubbicha in lallaban" jedha (Hojii Ergamootaa 8:4).

Itti Aa`anee maali wanti isaan lallaban?, Ammas kana hubachuudhaaf wanti ati godhuu qabdu Macaafa Hojii ergamootaa dubbisuu dha ofii keetiif. Walumaa gala garuu kan isaan barsiisan Barsiisa Kristoos, namni tokko fayyuudhaaf maal gochuu akka qabu, barbaachisummaa Waldaa, bifoota Waaqeffannaa,barbaachisummaa jireenya Kristiyaanaa, fi kkf. Phaauloos yeroo kana goolabu akkas jedha, "Waa`ee fannifamuu Kristoos dhubbachuun warra karaa badiisaa irra jiraniif gowwummaa dha, nuyi warra karaa fayyinaa irra jirruuf garuu, inni humna Waaqayyooti" jedha (1 Qoroontoos 1:18).

Kanaan walqabatee gooftaan akka dubbiin isaa lallabamuu qabu dubbachuun isaa beekkamaa dha. Phaauloos akkas jedha, "Amanuun dhageettii irraa dhufa wanti dhaga`uun namaaf ta`u immoo dubbii Kristoosiin beekkama" jedha (Roomaa 10:17), dabalees Kristoos akkas jedhe, " Dhugicha in hubattu dhugichis birmaduu isin in baasa" jedhe (Yohaannis 8:32), akkasuma "Namoonni immoo nama itti hin amanne attamitti waammatu ree, attamittis nama waa`ee isaa dhaga`anii hin beeknetti amanuu ree? Namni utuu isaanitti hin lallabin, attamitti waa`ee isaa dhagaa`a ree?" (Roomaa 10:14). Kun hundumti akka namoonni bada ibsuu isaati (Roomaa 3:23,Roomaa 6:23) kanaaf iyyuu Jaalalli Waaqayyoo lallabamuu qaba (Roomaa 5:8)., Akka Fayyisaan jaalalaa jiru agarsiisuu (Yohaannis 3:16, Akka Yoo Dubbii Waaqayyoof abboomaman cubbuu ofii irraa akka fayyaan beeksisuu (Roomaa 1:16,17, Maarqoos 16:15-16), Yoo dubbii Waaqayyoo kanaaf abboomamuu didan, yoo fudhachuu didan badiisa ta`uu beeksisuu (2 Tasalooniaa 1:7-9) kanaaf dubbiin Waaqayyoo lallabamuu qaba.

2. Warra gargaarsi barbaachisu Gargaaruu:-Dubbii Gooftaa keessaa Waldaan warra gargaarsi barbaachisuu akka gargaarsa godhuu qabu fakkeenya dubbifnu qabna. "Araddaa isaanii fi qabeenya isaanii gurguranii, horii isaas hundumaaf iyyuu akka isa barbaachisetti in hiru turan" (Hojii Ergamootaa 2:45), kun fedhii amantootaa irratti hundaa`ee ta`uu isaati. But yeroo Hojii Ergamootaa boqonnaa 6 dubbifannu, Warri haadha hiyyeessotaa gargaaramuu qaban irraanfatamuu irraa kan ka`e ergamoonni gooftaa namoota jara kana gargaaran amantoota keessa akka fo`an godhanii, akkuma kanatti filanii Waldaan warra gargaaramuu qaban gargaaruu jalqabe.

Kana malees akka Phaauloos Rakkatoota gargaaruuf gara Yeruusaalem

dhaqe dubbifna, “Amma garuu warra Warra Waaqayyoof qulqullaa`aniif gargaarsa fuudhee Yeeruusaalem dhaquu kooti, warri Maqadooniyaa fi warri akaaiyaa, hiyyeessota Yeeruusaalemitti warra Waaqayyoof qulqullaa`aan gidduutti argamaniif waan tokkummaa isaanii ittiin mullisan buusuudhaaf jaallataniiru” (Roomaa 15:25-26). Kanaaf Phaauloos obboleewwan warra Qoroontoosiif yeroo barreessu akkas jedha, “Waa`ee horii gargaars warra qulqullaa`an sanaaf bu`u immoo, isinis akkuma ani waldoota Kristiyaanaa kutaa Galaatiyaa abboome godhaa, , erga Ani dhufee horii walitti buusuu akka hin barbaachifnetti, sanbata guddaa, torbeedhuma tokkon tokkoon amma wal qixxaateefitti buusee walitti haa qabu” (1 Qoroontoos 16:1,2).

Who is to be helped? Duraan dursa Warra missensa Waldaa ta`anii gargaarsi barbaachisuufi, isaanis hiyyeessota,warra umuriidhaan dulloomanii of hin dandeenye, warra abbaan manaa irraa du`e, warra haadhaa fi abbaa hin qabne Kristiaanota ta`aniif fi kkf. Phaauloos akkas jedha, “Egaa akkuma fucha argattanitti kottaa nama hundumaaf, addumaan immoo warra Amantii keessa jiraniif gaarii in hojjenna” (Galaatiyaa 6:10). Garuu nama hundumatu gargaarama miti. Ergaa gara Ximootewoos 5, keessatti akka caafametti namoota gargaarsi barbaachisuuf ilaalamee Amantiitti jaboo ta`uunis ilaalamee akka gargaaraman malee nama gargaarsa gaafate hundaaf kennama miti., kana keessatti warra Miseensa Waldaa duwwaaf utuu hin taane, namoota sirriitti gargaarsi barbaachisu hundaafis gargaaruun in dandaa`ama, Yaaqoob 1:27, fi Yaaqoob boqonnaa lamas dubbisi, dubbiin kun gargaarsaan Wangeelaa wajjin namoota hunduma bira ga`uu dubbata..

Garuu gargaarsi kennamuu malu kun eessaa dhufeetu kennama?, maddi gargaarsa kanaa miseensota waldaa irraa kan kennamuu dha, (1 Qoroontoos 16:1, 2, 2 Qoroontoos 9:6,7) kana irratti yoo Kristiaanonni kennuu dhaabaatan, rakkatoota Gargaaruun rakkisaa dha.

3. Waldaa Jajjabeessuu Cimsuu:- , Jajjabeessuu jechuun, Cimsuu, hafuuraan guddisuu, gargaaruu, miseensota dubbii Waaqayyoo irratti cimsuu dha. Maaliin cimsu? Dubbii Waaqayyootiini, Waaqeffannaa irratti, walii walii gargaaruu, waan gaarii gochuu jaallachuu kkf. Mee Hojii Ergamootaa 9:31, Roomaa 14:19, 1 Qoroontoos 8:1, 1 Tasalooniyaa 5:11, 1 Qoroontoos 14:26, 2 Qoroontoos 12:19 fi Efeesoon 4:2, dubbifadhu.

Yeroo kana goolabnu, namoonni baayyeen akkamitti akka waldaan gargaarsa gootu in dinqisiifatu, akkamitti utuu fandii hin qabaatin, abbaa qabeenyaa mataa ta`e hin qabaatin utuu madda galii adda ta`e hin qabaatiin gargaarsa kana godhuu danda`u? jedhanii gaafatu, Garuu Karaa ykn akeekni gooftaa akeeka filatamaa dha, innis karaa isa tokkicha waldaan ittiin gar-

gaaruu danda`uudha, gargaarsa Waldaan godhu kanaaf kan galateeffamu, kan ulfina argatu, kan itti ol ol qabamuun ta`uuf Waaqayyoo duwwaadha., kunis Nuti Waldaan fedhii Waaqayyoo guutuudhaaf akkas gochuudhaaf akka waldaatti jiraanne, Kristoos mataa Waldaati, tokkoon tokkoon waldaa, fi tokkoon tokkoon miseensa Waldaa immoo ga`ee mataa isaanii hojjetu.Waldaan egaa hojii isaanii akka miseensaatti waan qaban kennuudhaan gargaaruun akka dandaa`amu godhu jechuudha.

Lallabuun, warra gargaarsi barbaachisu gargaaruun, akkasumas Waldaa jajjabeessuun dubbii Waaqayyoott guddisuun hundi karoora fayyina lubbuu namaa fi dhuma irratti kan Ulfina gooftaatiif ta`uudha.hojiin Waldaa kana malee kan biraa miti. Polootikaan, daldalummaan, dhaabbata biyya lafaa fakkaachuun Dubbii Waaqayyootiif barumsa keessummaati malee akka dubbii Waaqayyo miti.Waldaa gooftaa Dhagna hafuuraati, biyya lafaa keessa haa jiraatu malee Waldaan akka biyya lafaatti miti, Waaqayyoof abboomamanii namoota tajaajiluu, gara qulqullummaa fi qajeelummaatti deebi`anii, Uumaadhaaf ulfina kennuu. Kana hojiin waldaa fi dirqamni isaa.

## GAAFFII

**Gaaffilee Kana Sirriitti Deebisi.**

1. Waldaan gooftaa dhimma akkamiitiin ibsamti?
2. Dhhabbileen amantaa Waldaa bifa bu`aa horii argachuu irratti xiyyeeffachuun badii dhaa?
3. Hojiin waldaa maal maalfaa dha?
4. Waan gooftaan Maatewoos 28:19-20 fi Maarqoos 16:16 irratti abboome barreessi.
5. Waan amantoonni durii sun yeroo ari`ataman godhan sana barreessi.
6. Wanti isaan yeroo sana lallaban maali?
7. Amantii akkamitti dhufa?
8. Maaltu birmaduu nama baasa?
9. Namni tokko akkamitti fayyuu danda`a?
10. Eenyutu cubbuun bade?
11. Waldaan warra gargaarsi barbaachisu gargaaruun in ilaallataa?
12. Yeruusaaleem keessatti horii hiyyeessotaaf walitti qabame eenyutu buuse?
13. Namni hundumtuu gargaaramuu qabuu?
14. Namoota akkamiitu gargaaramuu qaba?
15. Mee gargaarsi amma kamitti ta`uu qaba?
16. Warri waldaa hin taane caalaatti gargaaramuu qabuu?

17. Gargaarsa kanaaf maddi isaa eessaa dhufa?
18. Gargaarsi kun kan buufamu yoomi?
19. Mee Waldaa jajjabeessuu isa jedhu ibsi?
20. Wannti ittiin jajjabeessan maal maal faa dha?
21. Gooftaan akkamittiin galateeffamuu fi ulfina argachuu qaba?
22. Eenyu mataan Waldaa?
23. Maali kaayyoon waldaan hojii waldaa?
24. Waldaan kan biyya lafaatii?
25. Polootikaan, daldalli, waldaa keessatti ta`u barumsa keessummaa dha?

## BARUMSA KUDHAN TOKKUMMAA WALDAA

Dhaabbanni amantaalee biyya lafaa baayyeen isaa waa`een tokkummaa Waldaa yaachisaa ta`eera, kunis baayyinnii fi akkaataan waldoolii yeroo yerootti baayyataniis qalbii namootaa arkisaa jiru, kun immoo qaama Amantaalee walii galuu dhabuu isaanii irratti waliigaluudhaan tokkummaa matumaa fiduu hin dandaa`an, amma tokko waliigalteen waan jiru fakkaatus addaan qoqqooduun amma illee inuma jiraata, kanaaf iyyuu deebisaan ykn furmaanni maalii dha ree? Tokkummaan dhugaan sun akka dhufuuf namoonni Waldaa sun barumsa isaanii, maqaa isaanii Waldaa isaanii, seera isaanii isa yaada isaanii keessa baafatan sana dhiisanii gara Macaafa qulqulluutti deebi`anii sirriitti dubbisanii, qu`atanii qayyabbatanii, amananii Dhugaa Macaafa qulqulluutiif abbomamuutu isaan irraa eeggama,yoo akkas ta`e Dhuguma tokkummaa waldaa isa dhugaa sanatu argama, tokkummaa isa Kristoos Yohaannis 17 irratti kadhate sanatu argamuu danda`a., yoo namoonni kana godhan, dhugaa jiruuf abboomamanii, hundumtuu maqaa tokko uffataniihundumtuu wajjin hojjetanii, hundumtuu barsiisa tokko barsiisanii, hundinuu wajjin mootummaa Waaqayyootti galuu danda`u, yeroo namoonni namoota jala deemuu dhiisanii dubbii Waaqayyoo isa Caafame jala deemuu yoo murteessan, tokkummaa waldaa isa dhugaa sana fiduun in dandaa`ama.

Caaffanni qulqulluun addaan qoodamuu waldaa in balaaleffata. Macaafni qulqullaa`aan akkas jedha, addaan qoqqooduu obbleewwan gidduutti ta`u Waaqayyo in jibba, jedha, (Fakkeenya 6:10). 1 Qoroontoos 1 irratti kan nutti himametti adda baasuun mullatee ture, garuu Phaauloos madda waan kanaa buqqisuudhaan sirreessseera akkas jedhe."Obboloota ko, isin hundumti keessan waan dubbattanitti akka waliigaltan, yaada tokkoon akeekkattanii, tokkummaadhaanis raawchuudhaaf akka qophooftan malee, isi gidduutti gargar ba`uun akka hin jiraanne, maqaa gooftaa keenyaa Yesuus Kristoosiin isinan gorsa" (1 Qoroontoos 1:10). Kana malees gaaffii sadii gaafachuudhaan , Gaaffileen sunis, Kristoos gargar hirameeraa?, Phaauloos isiniif jedhee fannifameera moo ree? Yookiis maqaa Phaauloosiin cuuphamtan moo ree?, gaaffii sadaniif iyyuu deebii hin qaban, kana jechuudhaan gargar ba`insa isaan uuman agariiseera.

Phaauloos ammas deebi`ee obbolaa warra Roomaatiin akkas jedha "Obboloota ko!warra barsiisa isin fudhattaniin mormuudhaan yaada namootaa gargar baasanii, amantii irraa kuffisanittii akka of eeggattan isinan gorsa, isaan irraa fagaadhaa, warri wanta akkasii hojjetan kan garaa isaaniif

yaadanii hojjetu malee, Kristoos gooftaa keenyaaf hin hojjetan, isaanis dubbii gurra namaatti tolee gaarii fakkaatuun garaa namootaa in gowwoomsu" (Roomaa 16:17-18). Akkasumas Qolosaayis 2:20-22, irratti "Kristoosii wajjin taatanii hafuurota bantii Waaqaa keessa biyya lafaa kana irratti humna qabu jedhamanii sodaataman jalaa erga duutanii immoo, maaliif akka waan amma iyyuu kan biyya lafaa taataniitti jiraattu ree? Maaliifis seerrata isaanii jala of galchitu ree? Kana harkaan hin qabin sana afaaniin hin qabin, isa kaanis hin tuqin" in jedhu wanti kun hundinuu immoo ittiin hojjetamanii akka dhumaa adeemaniif hin turree ree? Akka ajaja namaa fi akka barsiisa namaattis dubbatame mitii ree" jedhe. Caaffannis "Sabni kun afaan isaatin ulfina anaaf kenna, garaan isaa garuu baay`ee anattii fagoo dha, ana Waaqessuu isaanii akkasumaani, abboommii namaa akka seera Waaqayyootti barsiisu, isa jedhe ba`eessa dubbate" jedha (Maatewoos 15:9).

Kun hundumtuu kan inni nutti himaa jiru, barsiifni namootaa,doktriinni namootaa, abboommiin namootaa, ulfina fudhachuun namootaa,Barsiisa Macaafa qulqulluu caalaa fudhachuun adda qqodamuu hiramuu waldaatiif sababa ta`uu isaa nutti hima.karaa biraatiin tokkummaan kan jiraachuu danda`u hundumtuu yoo Kristoosiin ordofe duwwaa dha.Kan tokkummaadhaaf kadhate Kristoosi, akkas jedhee, "isaan kana duwwaadhaaf miti, warra dubbii isaanii dhaga`anii anatti amananiifis immoo nan kadhadha,Isaanis tokko haa taa`aniif, yaa abbaa, akka ati ana keessa jirtu anis si keessa akkan jiru, isaanis nu keessa haa jiraataniif, biyyi lafaas ati akka na ergite haa beekuuf kadhachuu kooti, akkuma nuyi tokko taane, isaanis tokko haa ta`aniif, ulfina ati anaaf kennite isaaniif kenneera" (Yohaannis 17:20-22, egaa Krsitoos waan hin dandaa`amneef kadhatee? Lakkii tokkummaan waan ta`uu danda`uu dha. Yoom? Yeroo nuyi sirriitti Kristoosiin ordofnu ykn isa jala deemnu.Barsiifni namootaa addaan nu qooda, gargar nu baasa, Barsiifni Macaafa qulqulluu garuu tokko nu godha.

Efeesoon 4:1-6, hubannaa tokkummaa nutti hima, dubbisi akkas jedha "Egaa ani waa`ee hojii gooftaatiif hidhame kanan jiru, waamicha isa itti waamamtan sanaaf akka ta`utti akka jiraattan isin nan gorsa, Gad of deebisuu fi garraamummaa hundumaan, obsaanis walii wajjin jiraadhaa, jaalalaanis waliif dandaa`aa hidhaa nagaatiin tokkummaa hafuura qulqulluu of harkatti eeggachuudhaaf dhama`aa akkuma abdiin waamichaa inni isin itti waamamtan tokkicha ta`e, dhagni tokko, hafuurris tokko, gooftaan tokko, amantiin tokko cuuphaan tokko Waaqayyoo fi abbaan waan hundumaa irra jira, waan hundumaan in hojjeta,iddoo hundumaa jiras" (Efeesoon 4:1-6). kun egaa deebisaa yookaan hiikkaa tokkummaati.

Tokkummaan Waldaa kan mullatu dubbiin Kristoos akka inni Waldaa tokko ijaaruudha. (Maatewoos 16:18), kana jechuun dhana tokko innis dhagna hafuuraa jechuudha. (1 Qoroontoos 12:27), inni mataa Waldaa sanaati (Qolosaayis 1:18), Dhugaadhumatti eenyu illee Kristoosiin dhagna lama qaba mataa lama qaba jedhee himachuu hin danda`u.Waldaan mana Waaqayyoos jedhameera.(1 Xiimootewoos 3:15), garuu mana meeqatu ykn maatii meeqatu jira? Dhugumatti mana tokko, maatii tokko. Mootummaa Waaqayyoo mootummaa Kristoosis dubbifneerra, (Yoohaannis 3:3, 5, Qolosaayis 1:3, 1 Xiimootewos 6:15). Gooftaan mootummaa meeqa qaba? Mootummicha irratti hoo Mootii meeqatu jira? Deebisaan mootummaanis tokko Mootiinis tokkuma.

Egaa akkuma mullachaa jirutti dhugumatti Macaafne qulqulluun barsiisa dhaaba amantaatiin in morma, sababni isaas barsiifni dhaaba amantaa gargar hiruu waldaa irratti kan hojjetu waan ta`eef

Karaa biraatiin barsiifni isaanii tokkummaa waan qabu, guutuu waan ta`e fakkaata, garuu Macaafni qulqulluun Waldaan aa`adaa, amantii hundumaa irraa kan tolfamte ykn amantaa hundumaa wajjin tokko jedhee hin ibsu. Caaffanni kan ibsu, Waldaan kan Kristoos duwwaa ta`uu isaa, warra biyya lafaa keessaa Waamamanii fayyaniin guutamuu isaa,isaanis warra Kristoosiin duukka bu`an ta`uu isaanii,warra barsiisa barsiisa Kristoosiif abboomamanii fayyan ta`uu isaanii ibsa.Kristoos Addaan hiramne, Waldaan isaas addaan hin hiramne. Maqaa maqaadhaan addaan hiruun, barsiisa addaa barsiisuun, Kristoosiin mormuu fi Kadhata inni kadhate sana mormuu dha.

## GAAFFII

**Gaaffilee Kana Sirriitti Deebisi.**

1. Amma bara kana himannaa tokkummaa Waldaa irratti ka`u jiraa?
2. Maali sababiin tokkummaan waldaa barbaachiseef?
3. Tokkummaan walta`uu fi walta`uu dhabuu Amantaa irratti waan fidu qaba?
4. Tokkummaa dhaaf deebisaan maali?
5. Namoonni tokkummaa Waldaa fiduuf maal godhuu qabu?
6. Eenyutu tokkummaadhaaf Kadhate?
7. Bu`aan tokkummaa dhaa maali?
8. Caaffanni addaan hiramuu Waldaa in balaaleffataa?
9. Gooftaan maal jibba?
10. 1 Qorrontoos 1:10, barreessi.

11. Gaaffii sadan Phaauloos obboleeyan Qoroontoos gaafate barreessi.
12. Eenyuun tajaajilu?
13. Uummata akkamii irratti milikkittni argama?
14. Nuti warra waldaa addaan hiru kana irraa fagaachuu qabanaa?
15. Eenyuu dha kan gooftaa akka abboommii namaatti waaqaeffatu?
16. Gooftaan waan hin dandaa`amne  kadhatee?
17. Kristoos maaliifi kan inni kadhare?
18. Mee wanti tokkummaaf barbaacisu maali?
19. Waan meeqatu barbaachisa?
20. Waldaa meeqa ijaare Kristoos?
21. Waldaan maali?
22. Eenyutu mataa Waldaati?
23. Kristoos mataa tokkoo ol ykn dhagna tokkoo ol qabaa?
24. Waaqayyo maatii meeqa qaba?
25. Dubbiin Waaqayyoo addaan nu hira moo tokko nu godha?

## BARUMSA KUDHA TOKKO
## AMANTII WALDAA

Amantii Waldaa inni jedhu kun afaan ingiliffaatiin "Creed of the church" jedha, creed kun jecha Laatiin irraa dhufe yeroo ta`u, innis Cree-do jedhamee kan beekkamu hiikkaan isaas Amantii Amantaa, isa jedhuu dha,jechoota Amantii waldaa ilaalchisee yaada dhihaatuudha.Yeroo waa`ee Amantii ykn (creed), isa jedhu kana yaadannu, Amantii "Ergamoota gooftaa" yaadanna. Haa ta`uutii dhaabni amantaa Namootaan dhaabbates, akkasuma amantii namaan ta`e, seera, akkaataa, ulaagaa kkf mataa mataa isaanii qabu, hundumtuu garuu dubbii caaffataa irratti dabalata kan ta`anii dha.

Yaadonni jiran Macaafni amantii kam iyyuu kan Caaffata qululluu caalaatti waan amantii barsiisuuu barbaadan, akkasuma Caaffanni kam iyyuu kan Caaffata qulqulluu irraa hirrisanii barsiisuu barbaadan, akkasumas kan caaffaata qulqulluu keessatti dubbii isaanii iddoo buusan hundi barbaachisoo miti, sababni isaa Macaafa qulqulluu of harkaa qabna waan ta`eef. Mullata Yohaannis 22:18-19, Galaatiyaa 1:6-9, gadi fageessee akka nuti itti dabaluus irraa hirr`isuus iddoo buusuus hin dfandeenye nubarsiisa. Karaa biraatiin Macaafni qulqulluun Kan guutuu guutuutti gahaa ta`eedha. Phaauloos Akkas jedha "Caaffanni qulqullaa`aan hundinuu geggeessaa hafuura Waaqayyootiin caafame, barsiisuuf, balleessaa hubachiisuuf, qajeelchuuf, qajeelummaattis leejjisuudhaaf dhimma in baasa, Namni Waaqayyoo waa gochuuf ka danda`e, hojii gaarii hundumaafis kan kophaa`e, akka ta`u in godha" jedha (2 Xiimootewoos 3:16-17). Caaffanni sirrii dha,(Yaaqoob 1:250, nutis akka dubbiin Waaqayyoo jedhutti dubbachuu qabna. (1 Pheexroos 4:11). Kanaaf iyyuu Macaafa dabalataa nu hin barbaachisu.

Dhaabni Amantaa biyya lafaa kan addaan qoqqoodamaniif waan namoonni dubbii Waaqayyo ordofaniif utuu hin ta`in waan abboommii namootaa ordofaniifiidha. Kunis hundumti Waldaa seera heera mataa mataa isaanii adeemsisu kkf. Kunis mataa isaatti Macaafa qulqulluu gatuu ta`a. amma nama gaddisiisa., nuyi Hawwii fi gammachuun keenya namoonni kun hundinuu Caaffata mataa isaanii gadi dhiisanii gara Caaffata qulqullaa`aatti gara dubbii Waaqayyoo isa dhugaa sanatti akka deebi`anii dha. Inni addaan nu qooda utuu hin ta`in Karaa Kristoos tokko nu godha.

Maali Amantiin Waldaa gooftaa?, nuti fayyisaa biraa hin qabnu Kristoosiin malee, Amantii biraa hin qabu Macaafa qulqulluu malee, yaadnii fi xiinxalli sammuu keenaa Caaffata irratti jiru gatii hin qabu, amantiifis nuti hiikkaa addaa hin qabnu waan Caaffanni qulqullaa`aan jedhu malee, kan

nuyi abboomamnuufis Barsiisa Kristoosi, namootatti kan himnus barsiisa isaati, hawwii fi jaalalli keenyas namni hundi Caaffata qulqullaa`aa kan akka dubbisu akka qu`atuudha. (Yoohaannis 5:39, 2 Xiimootewoos 2:15), namoota hundumaa lafa jiran hundatti waan Caaffanni qulqullaa`aan barsiisu akka godhanii dha.

Macaafa Qulqulluu dhaa ala, macaafni nuti amnnu kan dabalataa hin jiru. Caaffata qulqullaa`aadhaan walqixa jedhamee kan namootaan Caafame tokko illee hin amannu hin fudhannus, Gooftaan namootaaf aboo macaafa dabalataa akka Caafaniif kenneera kan jedhus hin amannu hin fudhannus, Caaffata qulqullaa`aa dhaa ala hafuura qulqulluutiin geggeeffamee namni barreessu jira isa jedhus itti hin amannu hin fudhannus.

Hafuura Waaqayyootiin kan geggeeffamee Caafame caaffata qulqulluu duwwaadha, dubbiin Waaqayyoo isa duwwaadha, kan qajeelfama Fayyinaa nuuf ta`us isa duwwaadha, gaafa dhumaa kan ittiin firdiin kennamus isa duwwaadha (Yohaannis 12:48). Sababoota kanaaf nuti Caaffata qulqullaaa`aa kana fudhanna, isaan qajeelfamna, namoota hundumaattis kana akka godhan himna.

Dhugaa barachuudhaaf gara Caaffata qulqullaa`aatti deebina, (Yohaannis 17:17, Yohaannis 8:32). Gara dhugaa kanaatti yoo deebite malee madda dhugaa argachuu hin dandeessu. Kanaaf dhugaatti amanuudhaaf dhugaa dhaga`uu qabda (Roomaan 10:17). Warroonni Dhaaba amantaa baayyeen gowwonfamuun isaanii nama hin dinqisiisu. Amantaa biyya lafaa irra Addaan qoqqoodamuun baayyachuun isaa nama hin dinqisiisu. Namoonni gargaarsa barbaachuuf gara Waaqayyoo dhaquu irra gara namaa dhaqachuu filatu, namoonni gara caaffata qulqullaa`aa dhiisanii gara barsiisa namootaa dhaquu filatu.dhugumatti namni dhugumaan fayyuu barbaadu gara dubbii Waaqayyoo caaffata qulqullaa`aatti deebi`uu qabu.

Namoota hundumaa gara dubbii Waaqayyootti deebi`anii dhugaa akka baratan, Waldaa dhugaas akka baratan in Jajjabeessina. Biyya lafaa irra Waldoota sobaa baayyeetu jiru. Waldaan kamtu sirrii dha? Dhugumaa addaa qoqqodinsa kan barsiisu jiraa? Lakkii hin jiru., Eenyu iyyuu gara Caaffata qulqullaa`aatti deebi`ee waa`ee Waldaa dhugaa jiru barachuu qaba. Yoo dhuguma dhugaa kana barate Caaffata qulqulluu jala deemuudhaaf rakkinni tokko illee isa hin mudatu.

Namoota hunda gara Caaffata qulqullaa`aatti deebi`anii akkaataa dhugaa isa nama fayyisu akka baratan in jajjabeessina.akka barsiisa namootaatti karaan fayyinaa baayyeetu jiru, garuu yeroo gara Caaffata Waaqayyootti deebinu, salphaatti akkaataa ittiin fayyan baranna, innis, dhugaa dhaga`uu,dhugaa Amanuu,yaada garaa geeddarachuu, Yesuus ilma Waaqayyoo ta`uu

isaa dhugaa ba`uu fi dhiqamuu cubbuu isaatiif Cuuphamuu dha. (Hojii Ergamootaa 2:38, Maarqoos 16:15-16), Isa Namoonni barsiisanii wajjin addaa addummaa maltu jira? Gooftaa duwwaatu fayyisa, kanaaf iyyuu namni tokko barsiisa gooftaa dhaga`ee fayyuudhaaf abboomamuu qaba.

Namoonni gara Caaffata qulqullaa`aa dhaqanii akkaataa Waaqeffannaa akka baratan in Jajjabeessina, faallaa kanaan namoonni Waaqayyoon Waaqeffachuuf wanti baayyeen jiru jedhu, Caaffanni qulqullaa`aan akka barsiisutti karaa Waaqeffannaa tokkotu jira innis dhugaa fi hafuuraan jedha (Yohaannis 4:24).

Qapxiilee kana duwwaa utuu hin ta`in qapxii baayyee gara fayyinaatti geessan, gara jireenyaatti, gara gaarummaatti geessan baayyeetu jiru, kana hunda akka hubataniif namoota hundumaa iyyuu kana dhugaa kana akka hubataniif gara Caaffata Waaqayyootti akka deebi`an hubachiifna. Hiikkaan Caaffataa namaaf hin galu warri jedhanii akka hin galleef of gochuun inni sabaa dha. Seexaanni akka Caaffanni namaaf hin galle godhee namoota Caaffata qulqulluu irraa fageessee akka badiisa bara baraa badan isaan godha. Kanaaf fayyina dhugaa fayyuudhaaf gara Caaffataatti dhufuu, itti amanuu, qajeelfama dhugaa isa duwwaa godhacuutu namoota hundaafis amantaa biyya lafaatiifis barbaachisa. Kana duwwaatu fayyisa, sababni isaa kana duwwaatu sirrii dha.

Amantiin keenya maali? Yesuus Kristoosii fi dubbii isaati. Isa biraatti wanti barbaachisu tokko illee hin jiru. Yesuus ilma Waaqayyoo ta`uu isaa in amanna, dubbiin isaa immoo isa dhumaa jijjiirraa hin qabne ta`uu amanna. Isa duwwaa fudhanna isaa fi isa duwwaa ordofna. Namoota hundumaas kana irraati jajjabeessina. Barsiifni namootaa iddoo tokkotti isin geessa innis du`a baraa baraa jahannamatti. Yesuus akkas jedhe “Karichis dhugaanis jireenyis ana, anaan yoo ta`e malee Eenyu iyyuu gara Abbaa hin dhaqu” jedhe (Yohaannis 14:6).

## GAAFFII

**Gaaffilee Kana Sirriitti Deebisi.**

1. Amatii (creed) isa jedhu ibsi
2. Waldaan namoonni dhaaban, dhaabni amantaa maal qabu?
3. Waan warra macaafa qulqulluu irratti dabalan yookaan irraa hirri’san irratti waan ta’u ibsi.
4. Caaffanni qulqulluun guutuu dhaa?
5. Guutuu jechuun maal jechuu dha?

6. Kan dubbatu akka maalitti dubbachuu qaba?
7. Caaffata Waaqayyoo malee kan biraa dabalatni nu barbaachisaa?
8. Bara kana dhaabboonni amantaa maaliif qoqqoodamu?
9. Caaffanni qulqulluun addaan nu qoqqoodaa?
10. Maalfaadha Amantii Waldaa gooftaa?
11. Yaadni keenyaa fi ilaalchi keenya caaffata irraati rakkina qabaa?
12. Yaadni fi ilaalchi dhuunfaa maal fida?
13. Nuti hiikkaa mataa keenyaan Caaffata hiikuuf mirga qabnaa?
14. Gooftaan namootaaf akka caaffata biraa caafan aboo kenneeraa?
15. Dubbiin Waaqayyoo eessaa dhufe?
16. Gaafa dhumaa kan firdii nutti godhu maali?
17. Dhugaan maali?
18. Namoonni gargaarsa barbaachaaf eessa dhaqu?
19. Nuti dhugaa baruudhaaf gara caaffata kamii dhaquu qabna?
20. Gooftaan isa Waaqeffachuuf caaffata keessatti mulliseeraa?
21. Caaffanni qulqullaa`aan namni akka fayyuuf maal gochuu qba jedha?
22. Karaan fayyinaa meeqa?
23. Caaffanni qulqullaa`aan namaaf hin galuu?
24. Caaffata qulqulluu walqixa hubannaa?
25. Karaan tokkichi gara abbaatti nu geessu eenyu?

## BARUMSA KUDHA LAMA
## SEENAA WALDAA

Hojii ergamootaa 2 sadarkaa hundeeffama Waldaa jalqabuu isaa ykn mootummaa Waaqayyoo ibsa., Ergamoonni Yeruusaaleem turan,hafuurri qulqulluun isaan irratti bu`e, Samni baayyeen ayyaana Pheenxeeqoosxeetiif walitti qabamanii turan, Pheexroosii fi ergamoonni kaanis kun raawwatamuu raajii Yoo`eel dubbate ta`uu, Kristoos du`uu fi kunis bara booddee eegaluu isaa, yaada garaa geeddarachuu fi dhiifamni cubbuu lallabamuu, lubbuun gara 3000 lallaba sana dhagaa`anii Cuuphamuu, gooftaanis Waldaatti isaan dabale. Achii wangeelli Yeruusaalem irraa ka`eeYihudaa, Samaariyaa achi irraa biyya lafaa guutuu wal ga`e warri dhagaa`an hunda bira ga`e (Hojii Ergamootaa 1:8, Maatewos 28:18-20, Maarqoos 16:15-16, Qolosaayis 1:23).

Waldaan bara Ergamootaa shaffisaan biyya hundumaatti baballateera. Mari`achuu Phaauloos booda,imala ykn dirqama wangeelaa sadii godhe, lallaba isaa Yiudoota duwwaadhaaf miti, garuu Ormoota (warra saba Waaqayyoo hin taaneefis), malee. Bu`aan lallaba isaatiinamoonni baayyeen gara gooftaatti akka deebi`anii fi Waldoonni gooftaas Eeshiyaa fi Aurooppaatti dhaabbataniiru. Garuu kun salphaa hin turre, yeroo baayyee Ari`atamuu baayyeetu ture. Yeroo duraatiif Waldaan Yeruusaaleem kessatti ari`atamuu jalqabe, ari`atamuu kana keessatti duukka buutonni gooftaa lafa dhaqan hundumaatti wangeela dhugaa wangeela lallabaniiru (Hojii Ergamootaa 8:1-4) akkuma yeroon deemuun Warri Roomaa rakkina isaan mudateef Kristiyaanotatu kana godhe jechuudhaan guutummaa Roomaa keessatti dirree isaanii irratti adaba suukanneessaa ergamootaa fi amantoota irraan ga`aa turan, Phaauloos akka seenaan nutti himutti yeroo hidhamee, biyya Roomaa dhaqe yeroo sadiis deemeera, Ergamootaa gooftaa keessaa Yohaannis irraa kan hafe hundumtii isaanii kan Ajjeefaman Kristoosiif jedhaniiti, sababuma Kristoosii tarii dhibbentaadhaan yookaanis kumaatamaan darbees miliyoonaan kan ta`an Kristiyaanonni lubbuu isaanii dhabaniiru.

Ari`atamuun jiraatus Waldaan guddachaa fi baballachaa deemte. Irra guddaa Waldaa irratti miidhaa kan fide Ari`atamuu utuu hin ta`in Waldaadhuma keessatti rakkoo uumamee dha.Phaauloos guyyaa kufaatiin dhufu dubbateera. Karaa biraatiin baayyeen miseensi Waldaa dhaa gara barsiisa dogoggoraatti akka dhufan dubbateera. Haa ta`uuti waan inni jedhe kana haa hubannu akkas jedha:- "Ammas obboloota koo waa`ee dhufa gooftaa keenyaa Yesuus Kristoosii fi waa`ee isaa wajjin walitti sassaabamuu keenyaa akka beektaniif waanan isin kadhadhun qaba.guyyaan gooftaa ammu-

ma iyyuu dhufeera, kan jedhu wanta Waaqayyo nutti mull`ise himu keessa, dubbiidhaan yookiis caaffataan akka waan nu biraa ba`eetti isa odeeffamuun yaadni keessan dafee hin raafamin hin naasifaminis, Waaqayyoon mormanii isa irratti ka`uun utuu hin dhufin, inni hamaan seera malee jiraatus ilmi badiisaa sun utuu bakkeetti hin baafamin guyyaan sun hin dhufu, kanaaf namni tokko karaa kam illee isin hin wallaalchisin inni bakkeetti baafamuuf jiru sun of qabuudhaan Waaqayyo kan jedhamuun waanuma namni itti sagaduunis in morma, ofuma isaatii Waaqayyo ofiin jechuudhaanis mana qulqullummaa Waaqayyoo keessa taa`umsa in dhaabbata.isa kana utuman isin bira jiruu akkan isinitti hime hin yaadattanii ree? Yeroodhuma isaatti akka inni mul`atuuf amma wanti isa ittisu akka jiru in beektu Hamminni inni dhokatan sun kanumaan dura iyyuu hojii irra jira, garuu inni amma isa ittisu hamma karaa isaa duraa fuudhamutti hin mul`atu kana booddees inni seera malee jiraatu sun in mul`ata Yesuus gooftaan immoo hafuura afaan isaa keessaa ba`uun isa in ajjeesa, Mull`inatti deebi`ee dhufuu isaatiinis isa in barbadeessa, inni seera malee jiraatu kunis gocha Seexaanaatiin wanta hojii aangoo, milikkitootaa fi dinqii fakkaataniinis in dhufa, warri baduuf jiran hundinuu immoo fayyuudhaaf dhugaa jaallatanii fudhachuu waan didaniif gowwoomsaa hamminaa hundumaa isaan irratti in fida. Kanaafis Waaqayyo wanta dhugaa hin ta`in akka amananiif gocha nama wallaalchisu isaanitti in erga warra jal`inatti gammadanii dhugicha hin amanne hundumaatti akka faradamu in godha" (2 Tasalooniqee 2:1-12)., hubadhaa Phaauloos Hamaan sun yeroodhuma sana iyyuu gidduudhuma isaaniitti hojechaa ture jedha, " Bara booddeetti namoonni tokko hafuurota wallaalchisoodhaa fi barsiisa hafuura hamootaa duukaa bu`anii amantii Wangeelaa irraa akka garagalan, hafuurri qulqulluun keessaa baasee in dubbataWarri sobduun of hin argineen, yaadni garaa isaanii diimnaan gubamee milikkita seexaanaa godhate kun, jara kana wallaalchisaniigaragalchaniiru, Isaan kun fuudhuunii fi heerumuun nyaata akkasii fi nyaata akkasii nyaachuun dhowwaadha, jedhu Waaqayyo garuu nyaata adda addaa kana, warriamanan warri dhugaa beeku bira ga anis galataan fudhatanii akka nyaataniif uume" (1 Xiimootewos 4:1-3). Jaarsolii Waldaa Efeesoonitti Phaauloos akkas jedha.

"Of eeggadhaa karra hoolota Waaqayyoo warra hafuurri qulqulluun akka eegdaniif isin dhaabeefis, eeggadhaa ! Waldaa Kristiyaanaa isa Waaqayyo dhiiga Tokkicha ilma isaatiin kan isaa godhate eegaa, erga ani adeemee immoo warri akka yeeyyii sodaachisoon, hoolota karra keessatti kan hin hambifne akka isin gidduu galan ani beeka. Isinuma keessaa iyyuu namoonni dubbii dhugaa jal`isuudhaan amantoota garagalchanii of duukkaa buusan in

ka`u, kanaafis dammaqaa ! waggaa sadii halkanii fi guyyaa utuu gargar hin kutin imimmaaniin akkan tokkoo tokkoo keessan gorsaa ture yaadadhaa") jedheera (Hojii Ergamootaa 20:28-31).

Akka Phaauloos akeekkachiisetti, warri waldaa karaa malee oofanii Duuka buutotaa Kristoos Wallaalchisan walduma keessaa akka ka`an dubbate. Akka seenaan nutti himutti karaa irraa jalli`suun Bulchiinsuma Waldaa keessaa ka`a. akeekni gooftaa waldaadhaaf qabu, Waldaan tokko waldaa kaanitti maxxantuu akka hin taane, of dandeessee akka of jiraachiftuudha, kunis jaarsolii waldaa fi Diyaaqonoota mataa mataa isaanii akka qabaatanii dha. Utuu kun kana ta`ee jiruu, jaarsi Waldaa tokkoo waldaa kaanis hoogganuudhaan, waldootii baayyee irrattis geggeessaa ta`aa turan, kuni halkan tokkotti waan ta`e miti waggoota baayyee booda kan ta`aa dhufee dha, bara 606, akka warra Kaatoolikootaa Qeesiin waldoota hundumaa irratti mataa ta`uudhaan wal muudu, kanas amma bara kana argaa jirra. Waldaa gooftaa irratti maaltu ta`e? Amanamoonni ammi murtaa`an dhugaa kana qabatanii Waldaa Kristoos isa duraa sana keessatti cimanii jiraatan. Gooftaanis akka abdachiisetti mootummaan Waaqayyo bara baraan hin dhaabbatti, nama biraafis dabarfamtee hin kennamtu.

Amantaa biyya lafaa ilaalchisee waldaan Kaatoolikootaa olaanaa ta`ee addunyaa dhuunfatee ture,dhugamaa yoo dubbanne waggoota dhibba dhufaniif bara duukkanaa jedhamee beekkama. Kunis kan ta``ef waldaan kaatooliik Macaafni Qulqullaa`aan akka hin caafamne hayyamuu didde, Macaafa qulqulluu dubbisuu fi hubachuun luboota duwwaaakka ta`uu qabanii fi isaan kun Uummatatti akka isa dubbisan himan jechuudhaan warri luba hin taane hin dubbisan godhuun, waan uummata itti himuu qaban duwwaa himuuf jechuudha.

Yeroo kana keessatti waldaa kaatoliik cuuphaadhaaf bishaan facaasuu fi faarfannaa meeshaa muuziqaatiin faarfachuu irratti Kaatooliik Roomaa fi Kaatooliik Griikii jadhamanii adda qoodaman.yeroon deemaa dhufeetu kaatooliikiin Roomaa Waldaa ishee keessatti barsiisota addaa addaa seera ishee keessatti daddabalaa dhufte, dhuma irratti jaarraa kudha shanaffaa keessabarsiisnii fi naamusni Kaatooliikii babbadaa dhufe, kana keessatti namni Maartiin Luuter jedhamu Waldaa kana haaromsuu barbaade, namni kun achi keessatti ofiif iyyuu luba ture, nama kanas Kaatooliik balaaleffatte, innis waan barsiisuu barbaade kana namoota barsiisuuf Kaatooliikiin dhiisee keessaa ba`e. kana keessaa Sochii Haaromsaa ykn (Prootestaaniizim), kan jedhutu uumame, Mana Amantaa bara keenya kanaa adeemsi Luuter hundumtuu Caaffata qulqulluu akka argataniif yaaleera, garuu guutuu guutuutti

hin milkoofne.

Jaarraa kudha torbaffaa keessa Aurooppaa fi Ameerikaa keessa warri Addaan qoqqoodamuun kun isaan nuffisiise suuta suutaan dogoggora isaan keessa jiru hubatanii Gara Macaafa qulqulluutti deebi`uu jalqaban, isaan kun fedhiin isaanii Waldaa haaraa dhaabuu utuu hinta`in Waldaa isa dhugaa sanatti debi`uudhaaf caaffatatti deebi`anii caaffanni qulqulluun Qajeelfama isaanii isa filatamaa akka ta`u itti dhagaa`ame, Kristiyaanonni dhugaa lallabuudhaaf gara biyya lafaa hunda dhaqanii Afriikaa, Hindii, Ruusiyaa, poolaandii fi biyyoota garaa garaa waldaan kristiyaanaa qulqullummaa isaatiin akka jiraatuufi, waldaan kun amma illee akkuma abdiin kennametti jiraachaa jira in jiraatas.Waldaa Macaafa qulqulluu ta`uu isaa adda baafachuuf caaffta qulqulluu dubbisanii quatanii hubachuudha, yoo caaffata qulqullaa`aa jala deemne Waldaa dhugaa argina nuyis Waldaa dhugaa taana jechuudha. (Luuqaas 8:11) akkuma gaafa Ergamoota gooftaa sana Harra`as waldaan macaafa qulqulluu waldaadhuma durii sana Oomishaa deemti., Kristiyaana, misseensa Miseensa Waldaa Waldaa Kristoosiin baayyisaa deemna.Waldaan ykn Mootummaan gooftaa bara baraan akka inni cimee dhaabbatu in beekna. Kanaafis waldoonni jiraataniiru erga Hundeeffamee kaasee cimee dhaabbata Namni kam iyyuu ta`ee Seexaannis isa balleessuuf humna hin qabu, Mootummaa Gooftaa kun, jechuunis Waldaan Kristoos amma dhumaatti mo`ichaan dhaabbatti gooftaa wajjinis amma bara baraatti haa jiraattu.

## GAAFFII

**Gaaffilee Kana Sirriitti Deebisi**

1. Macaafa qulqullaa`aa keessatti iddoo kami seenaa hundeeffamuu Waldaa kan arginu?
2. Magaalaa kam keessatti hundoofte?
3. Yeroo sana lubbuu meeqatu waldaatti dabalame?
4. Eessatti kan wangeelli lallabame?
5. Phaauloos imala isaa yeroo meeqa deeme?
6. Phaauloos Yiudootaaf wangeela lallabeeraa?
7. Karaan lama Phaauloos ittin waldaa dhhabe akkamitti?
8. Duukka buutonni gooftaa yeroo ari`ataman sana maal godhan?
9. Eenyutu isaan ari`ate?
10.Ergamoota meeqatu waa`ee amantii isaaniitiif ajjeefame?
11.Yeroo Ari`atamuu sana Waldaan guddateettii?

12. Phaauloos bara sana maal akeekkachiise?
13. Lollii waldaa irratti ka`e akkamiin ka`e?
14. Bara 606 maaltu ta`e?
15. Waldaa gooftaa irratti maaltu ta`e?
16. Maaliif waggoota dhibban dhufan kan duukkanaati jedhame?
17. Lameen waldaan kaatooliik qoqqodaman mallii fi maali?
18. Eenyu namich waldaa Roomaan kaatoliik haaromsuuf ka`e?
19. Maaliif nan haaromsa jedhe?
20. Sochiin guddaan waan kana irratti ka`e maali?
21. Isaan kun yeroo sana milkaa`aniiruu?
22. Bara jaarraa kudha torbaffaa fi kudha saddeet maaltu ta`e?
23. Jarri kun dhugaa waldaa barachuuf gara Caaffata qulqullaa`atti deebi`aniiruu?
24. Waldaa akka gaafa dur sun amma biyya lafaa irratti argamtii?
25. Waldaan dhugaa sun jirtii?

## BARUMSA KUDHA SADII
## WALDAA BARA KANAA

Waldaan gooftaa werga hundeeffamtee waggaa kuma lamaa oli (Hojii Ergamootaa 2). Garuu amma iyyuu Waldaan sun akka gaafa sanaatti jirti. “Garuu kun akkamittiin dandaa`ame?” kana gaafachuu qabda. Salphaadhumatti saarxaa (moodeela) isaa Kakuu haaraa dubbisuu fi qua`achuudhaan waldaa dhugaa beekuu dandeenya.

Namoonni ammi tokko waldaa gooftaadhaan hundeeffamte adda baafachuudhaaf waggaa waggaatti pheenxeeqoosxee ordofuu qabna jedhu, haa ta`u malee kun dhugaa hin ta`u, tokkoffaa nuyi jecha Gooftaa Mootummaan Waaqayyoo ykn Waldaan Kristoos yoom iyyuu hin diigamtu hin kuftus kan jedhu ragaa qabna (Daani`eel 2:44, Luuqaas 1:33, Ibroota 12:28). Kana jechuun erga gaafa hundeeffamteetii amma ammaatti jiraachuu isaa agarsiisa, inni lammaffaan nuti sanyii mootumma kan facaafnu qabna. (Luuqaas 8:11), kunis dubbii kakuu haaraati, erga dubbiin kun gaafa Ergamootaa sana Kristiyaana Oomishee harra`as Kristiyaanota Oomisha., Erga Bara Ergamootaa Waldaan walitti qabamuu warra fayyanii ta`ee harra`s Walitti qabamuu warra fayyaniiti. Kanaaf iyyuu waldaa gooftaa akka jiraattu gochuun in dandaa`ama, kunis kakuu haaraan amma jirutti barsiisni isaa amma jirutti waldaan in jiraata.

Waaqayyo yeroo hundumaa saba isaatiif akka ordofaniif furtuu kenneera, Nohiif furtuu fayyinaa akka markaba hojjetu itti kenne. (Seera Uumamaa 6), Museedhaaf gabatee dhagaa Akeekkachiisaa wajjin kenneef “Isaan godoo isa akka gaaddidduu isa Waaqa irratti garagalfamee sana keessatti in hojjetu, fakkeenyi godoon sun ittiin ijaarame Museetti argisiifamee ture, yeroo inni godoo sana ijaaruuf ka`etti Waaqayyo “Ammas waan hundumaa fakkeenya isa gaaraa irratti sitti argisiifame sanaan akka hojjettuuf akeekkadhu” ittin jedhe (Ibroota 8:5), amma bara dhumaa kana, bara Kakuu haaraa kanaqulqulluu fi guutuu kan taate Waldaa Gooftaa qabna.akkumma Nohii fi Musee isa isaanitti kenname sana eeganii jala deeman nutis waldaa Kristoos isa nuuf kenname kana eegnee jala deemna. Akkuma Nohii fi Museen Markabaa fi Gabatee dhagaa sana eeganii Waaqayyoon gammachiisan nutis Waldaa isaa kana jala deemnee Aboommii isaa yoo eegne Waaqayyoon gammachiisuu dandeenya., Waldaa bara baraan jiraattu kana isa Caafametti utuu itti hin dabalin utuu irraas hin hirrisin Jala deemuu qabna (Mullata Yohaannis 22:18-19).

Ibsi guutuun waa`ee Waldaa dubbatu ifaa ifatti kakuu haaraa keessatti

barreeffamee jira. Gooftaan Waldaan maal akka taate dubbateera., eenyu akka ijaaru, eessatti akka ijaaramtu, yoom akka ijaaramtu maqaa eenyuutiin akka ijaaramtu, miseensonni isaa maal akka jedhaman,waaqeffannaan isaa, hojiin isaa. Mataan waldaa eenyu akka ta`e, dhiiga isaatiin bitamuu isaa, fayyisaa isaa kkf, tokko illee shakkii dhaaf iddoon hin jiru, Ibsi waa`ee waldaa ibsu akkuma dubbiin Waaqayyoo ifaa ta`e kunis ifaa dha.

Kanaafuu wanti nuti gochuu qabnu Macaafa qulqullaa`aa Qua`chuudhaan Waldaan caaffanni Qulqullaa`aan nutti himu inni sirrii kam akka ta`e beekuu dandeenya.yoo dhugaa waa`ee kanaa barannee yoo jala deemne, yoo abboomamne, miseensa Waldaa kanaa ta`uu dandeenya, Waldaa dhugaa isa Kristoos dhaabe sana taanas, akkuma sanyiin facaasan isuma facaafame biqilu, dubbiin Waaqayyoos yeroo facaafnu Kristiyaanaa fi miseensa Waldaa Kristoos Oomisha, kunis akkuma bara ergamootaa ta`e ammas ta`aa jira in ta`as.

Waldaa gooftaa naannoo biyya lafaatti argama, asis iddoo hundumaas jira, lafa hundumaa jiraataa jira, namni abboomame sun yeroo kamitti iyyuu akkuma Caaffanni jedhutti godhuu danda`a.ilmi namaa fedhii Waaqayyoo gochuu yeroo dhaabu, jireenyi isaa hafuuuraas achumatti dhaabbata.

Waldaan Kristoos harra`a guddachaa dubbii Waaqayyoo sanyii facaasaa jirti.caaffanni qulqullaa`aan adda qoodamuu in balaaleffata, Kristoosiin ordofa, kun egaa Waldaa dhugaa kan ati caaffata keessatti dubbifteedha. Waldaan kun dhaaba Amantaa ykn walitti qabama dhaaba Amantaa miti, Pheenxee ykn protestaantiis miti, kaatooliikii, otodooksii miti. Egaa maali ree? Gababaadhumatti Waldaa Kristoosi. Kanuma dhugaan jiru.

Waldaan gooftaa biyya lafaa kana irratti  mataa hin qabu, waajira waliigalaa guddaas hin qabu, ilma namaa kamiif iyyuu ulfina gooftaa hin kenninu. akka ogummaa biyya lafaa ykn foonii fi dhiigaatti Jaarmiyaa biyya lafaas miti, waldaan tokkoo tokkoon isaanii Jaarsolii diyaaqunoota, lallabaa Wangeelaa barsiisaa, akkasumas miseensa mata mataa isaanii qabu.Qeesii hin qabnu, nu biratti hundumtuu walqixxee dha, taayitaadhaan caalmaan hin jiru.

Waldaan Kristoos yeroo hundaa diinota qabaachaa ture, ammas qaba. Jaarmiyaan dhaabbata amantaa namootaa yeroo hundaa Waldaa Kristoosiin mormu, sababni isaas Waldaan kun fakkeenya isaanii waan hin taaneef, isa isaan yaada namaa barsiisan waan hin fudhanneefii dha.waan nuyi isaanii wajjin hin hiriirreef dubbii Waaqayyo duwaa waan eegnuuf nutti Aa`aru. Yeroo isaan barsiisa namaa jala deeman  akka nuti barsiisa Caaffata qulqulluu qofa jala deemnu sirriitti beeku. Akka nuyi Kristoosiin duukkaa buunee fi maqaa isaa akka uffanne sirriitti beeku. Namoota jala deemanii maqaa namootaa uffachuu isaanii, nuun mormu. Laphee namootaa jecha dhugaa

fakkaatuun hatanii nuunis dogoggorsiisuuf baayyee yaalu garoo dadhabbiin isaan nu miidhuuf godha, homaa hin baasu.

Waldaan Kristoos baroota keessatti mo`attuu dha, hundumti diinotaa, hundumti seexaanaa walitti qabamees Waldaa gooftaa kana dhaabbachiisuu hin danda`u. yoo ammam illee Miseensaan xinnoo taatee warra naannoo jiranii wajjin yeroo ilaalamtu xinnoo fakkaattus,karaa isa dhiphoo sanatu karaa fayyinaati (Maatewoos 7:13,14). Kristoos Waldaa tokkicha qaba, gaafa deebi`ee dhufus Waldaadhuma kanaaf dhufa.(Efeesoon 5:27,Yohaannis 14:1-6). Inni Mootii mootummaa isaatiiti, mootummaa isaa kana gara Waaqayyootti fudhachuudhaaf in dhufa. (1 Qoroontoos 15:24), Misirroos tokko duwwaa qaba (Mullata Yohaannis 21:9), guyyaa tokko in dhufa misirroo isaa kana fudhachuudhaaf misirroo ishee maqaa isaa uffatte sana. Warra kaan hoo? , isin hin beeku jedha, wanti abbaan ko hin dhaabin in buqqa a jedhaan (Maatewoos 15:13), dhumni isaanii gara abiddanati.

Harra`a Kadhannaan keenya gara qulqulluu barsiisa Kakuu haaraa jireenya Kiristiaanaati, gara isaatti deebitee akka dubbii isaa barattu qu`attuu fi qajeelfama kee godhattuu dha. Macaafa qulqulluu beeki dubbisi qua`adhu yommus dhugaa barta. Waan inni siin jedhu godhi abboomami yommus inni Waldaa isaatti si dabala, Waldaa isa ati Caaffata qulqullaa`aa keessatti dubbifte.

Yoo ati miseensa Waldaa Kristoos miti taate, akka miseensa Waldaakanaa taatuuf si jajjabeessina., Waaqayyotti Amani, cubbuu ke irraa yaada garaa geeddaradhu,Kristoosiin ilma Waaqayyo ta`uu isaa dhugaa ba`I, Cuuphami achii booda in fayyitaa. (Maarqoos 16:16, Roomaa 10:10, Hojii Ergamootaa 2:38), Achii Gooftaan Waldaa isaatti si dabala atis Gaafas Kristiyaana taata. (Hojii Ergamootaa 2:47, Hojii Ergamootaa 11:26), Kana gochuudhaaf qophii dhaa?eenyu iyyuu akka kana gootuuf si hin dirqisiisu, garuu yoo Caaffata qulqulluu qua`attee keessa hubatte akka ati Amanuu murteessitee Kristiaana taatee baroota ke hafan hunda gooftaaf jiraachuu biyya lafaattis mootummaa Waaqayyoof akka ati dubbii kana qooddu amantii keenya. Gooftaan si gargaaru.

## GAAFFII

**Gaaffilee Kana Sirriitti Deebisi.**

1. Yoomi kan Waldaan hundeeffamte?
2. Waldaan Kristoos kun harra`a jirtii?
3. Waldaa dhugaa sana argachuudhaa jaarrota gidduutti gara caaffatatti deebi`uun dandaa`amaa?

4. Gooftaan yeroo dubbate Mootummaan isaa ammamiif jiraatti jedhe?
5. Maali sanyiin mootummaa Waaqayyoo?
6. Sanyiin kun maal Oomisha?
7. Waaqayyo Nohii fi museetti maal kenneef ?
8. Maali furtuun (paatern) iin Waldaa?
9. Eessatti eenyummaa Waldaa kan ibsu argina?
10. Gooftaan waa`ee Waldaa maal nutti hima?
11. Waldaa dhugaa kan macaafa qulqulluu akkamitti beekuu dandeenya?
12. Bara kana Waldaan gooftaa Eessatti argama?
13. Waldaan gooftaa kun akka dhaabbata amantaatii?
14. Biyya lafaa kana irratti mataa fi waajira jaarmiyaa guddaa qabaa?
15. Diinonni Waldaa eenyu faadha?
16. Maali meeshaan lolaa isaan qaban?
17. Waldaan baroota keessatti mo`attuu dhaa?
18. Kristoos maaliif deebi`ee dhufa?
19. Maali kadhannaan ykn hawwiin keenya?
20. Tartiiba namni tokko ittiin miseensa ta`ee waldaatti dabalamu barreessi.

**Dhugaa ykn soba jedhii deebisi**.
1. Waldaan Kristoos hundeesse harra`as jirti.
2. Waldaan isaa tokko qofa.
3. Innis maqaa Kristoosiin kan uffatee dha.
4. Namni tokko fayyuudhaaf miseensa Waldaa Kristoos ta`uu qaba.
5. Kristoos guyyaa tokko Waldaa isaatiif in dhufa.